



Daandii Addellee-Sakkiinaa deebii rakkoofi gaaffii bara dheeraa Godina Arsii

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Ummatni godina Arsii, Aanaa Amiinyaa sababa daandiiin rakkoo daran ulfaataafi bara dheeraaf iyyachaa turan daandiin isaaniif hojjetamuusaaf akka lammata dhalachuutti miirsaanii ibsachaa jiru. Aanaan qabeenya uumamaan badhaate daandiin dhibuun jireenyi yaaddoo itti ta'uun tureera.

Pirojektiin daandii cirrachaa kiilomeetira 36 Addellee-Sakkiinaa riqicha Laga Elleele meetira 180 dheeratu of keessatti hammate baajeta mootummaan naannoo Oromiyaa qarshii miliyoona 398n ijaarsisaa dhaabbata

Gara fuula 14tti

“Magaalaa baadiyyaatti mirgiifi faayidaan dubartootaa walqixa kabajamuu qaba”

- Pirezidaanti Sahaalawarqi Zawudee

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Magaalaa baadiyyaatti mirgiifi faayidaan dubartootaa walqixa kabajamuu akka qabu Pirezidaantiin Itoophiyaa Sahaalawarqi Zawudee hubachiisan.

Guyyaan dubartootaa akka addunyaatti yeroo 113ffaaf, akka Itoophiyaatti ammoo yeroo 48ffaaf mataduree ‘Dubartoota haa gahoomsinu, misoomaafi nageenya haa mirkaneessinu’ jedhuun

Kaleessa Godambaa Yaadannoo Injifannoo Adwaatti kabajameera.

Kabaja ayyaanichaarratti Pirezidaanti Sahaalawarqi akka jedhanitti, dubartootni walqixxummaa malee mirga addaa hinfedhan. Kanaafuu, magaalaa baadiyyaatti mirgaafi faayidaa dubartootaa kabachiisuun gahee hundaati.

Hirmaannaan dubartootaa sektaroota hundatti cimuu qaba jedhanii; kun ammoo warra magaalaa

Gara fuula 14tti



“Fayyadamoo ta'uuf dubartootni jijjiirama yeroo waliin tarkaanfachuu qabu”

- Aadde Xayyibaa Hasan

fuula 14

Wayita soomaa biyyaaf kadhachuufi gaarii hojjechuun dirqama hundaa ta'uu qaba”

- Abbootii Amantaa

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Hordofoonni amantaa kirsitaanaafi Islaamaa wayita sooman biyyaa kadhachuu, gaarii hojjechuufi dubbachuun dirqama amantaasaanii ba'uu akka qaban Abbootiin Amantaa hubachiisan.

Abbootiin amantaa kunneen soomana tibba dhufu qabamu ilaalchisiin ibsa Kamisa darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, biyya ummatni irra jireessi soda uumaa qabutti rakkoo hamaan biyya quunnamaa jiraachuu qajeeltoon amantaa hangam akka hojiitti hiikamaa jiru of gaafachuun barbaachisaadha. Biyyaaf kadhachuun, gaarii hojjechuu, tokkummaafi jaalala labsuun dirqama lammummaa qofa osoo hintaane dirqama amantaati.

Waldaa Amantaa Ortodoksii Tawaayidoo



Luba Kitilaa Balaay Mokonn

Itoophiyaatti Hoji Gaggeessaa Ittaanaan Mana Lubbummaa Lubni Kitilaa Balaay Mokonn akka jedhanitti, soomni Kibxataa



Ustaaz Abbubakar Ahmad

qabee ji'a lamaaf hordofoota amantichaan soomamu Sooma guyyaa 40 kan Kirsitoos

Gara fuula 14tti

ODUU

Diyaasporaa garaagarummaa ilaalchaa qabaatus dhimma biyyaarratti tokko ta'uu qaba

Waaqshuum Fiqaduutiin

Finfinnee: Garaagarummaan ilaalcha siyaasaa hawaasa diyaasporaa gidduu jiru fayyaalessa ta'us dhimma biyyaarratti tokkummaa'uun dirqama ta'uun ibsame.

Waltajjiin marii carraa investimantiifi dhimma biyyaarratti hirmaannaa diyaasporaarratti xiyyeeffate Kamisa darbe galma Waajjira Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaatti taa'ameera. Waltajjicharratti hoggansi garagaraa carraa investimantii jiru ilaalchisani wayita ibsa kennan hawaasni diyaasporaaas rakkoolee qabatamaan jiran ibsaniiru.

Ittigaafatamaan Waajjira Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Doktor Abdullaaziz Daawud akka jedhanitti, mormii bara 2000 ture qabaneessuuf mootummaan ADWUI dayaasporaa hedduuminaan gara biyyaatti waamuun lafti kennamuufis hedduunsanii lafa gurguratanii biyya irraa dhufanitti deebi'uunsanii mufannaafi shakkii uumeera. Har'a garuu diyaasporaa biyya diiguuf halkani guyyaa kan boolla qotu osoo hintaane garaagarummaa keessatti dhimma biyyaarratti hirmaatutu barbaachisa.

Mootummaan biyyattiitti jijjiirama rogawwan maraa fiduuf xiqqeffatee hojjechaa jiraachuu himanii; jijjiiramni yaadame mootummaa qofaan waan bakka hingenyeef deggarsa diyaasporaa murteessaadha. Mootummaan



Hirmaatota waltajjichaa

hawaasa diyaasporaa waliin hojjechuuf qophiifi kutannoo qaba jechuun ibsaniiru. Waliin hojjechuun ilaalcha paartii tokko jalatti hiriiru akka hintaanee hubachiisaniiru.

Hawaasni diyaasporaa ce'umsa teknoloojii, babal'ina barnootaafi manneen barnootaafi hawaasa rakkoo keessa jiru deggaruun siyaasa osoo hinhaane dhimma biyyaa ta'uu hubatee tumsa taasisuu akka qabus waamicha dhiyeessaniiru. Carraan investimantii bal'aa jirutis fayyadamuu akka qaban dhaamaniiru.

Hawaasni diyaasporaa akkuma kana dura jedhamu lafa fudhatee gurguruun biyya

hambaatti kan deebi'u osoo hintaane babal'ina barnootaafi manneen barnootaaf, hojii investimantiin galii guddaa biyyaaf galchuu, biyyaaf ambaasaaddara ta'uu cinatti waan qabu hundaan biyya cina dhaabbatudha kan jedhan ammoo Daarektara Olaanaa Dhimma Diyaasporaa Oromiyaa Obbo Amiin Jundiiti.

Deggarsi diyaasporaan taasisu paartii tokkoof osoo hintaane biyyaafi ummata bal'aaf jedhanii; garaagarummaa ilaalcha siyaasaan osoo hindaangeffamin biyya tumsuun dirqamasaanii ta'us dubbataniiru.



Doktar Abdullaaziz Daawud

Biyyaan ala siyaasni ta'e jireenyiyuu hamaa ta'uun hubatamee warra biyya diigurraa of qusachuun barbaachisaa ta'uu dhaamaniiru.

Hawaasni diyaasporaaas gamasaaniin, investimantiiratti bobba'uuf fedhii guddaa osoo qabani aadaa birookraasii walxaxaafi malaammaltummaarraa kan ka'e mufatanii boodatti jechuu himanii; kanaan booda gaaffii mana jireenyaas ta'e kan investimantii danqaa tokko malee deebii akka argatu gaafataniiru. Namootni jijjiiramni har'aa akka dhufuuf wareegama qaali kaffalan addatti akka deggaramanis dhaamaniiru.

Warshaan dhagaa cilee qarshii biliyoona shanii oliin Tarcaatti ijaaramaa jiru dhiyeenyatti hojii eegala

Natsaannat Taaddasaatiin

Tarcaa: Warshaan dhagaa cilee qarshii biliyoona shaniin Godina Daawuroo, nannawaa Magaalaa Taarcaatti Kubbaaniyaa Misooma Albuuda 'ET' (ET MINERAL DEV. T.S.C) jedhamuun ijaaramaa jiru dhiyeenyatti xumuramee hojii kan jalqabu ta'uu Bakka Bu'aan Kubbaaniyichaa Obbo Wandimmuu Mitikkuu himaniiru.

Obbo Wandimmuun garee gaazexessitoota Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa dhiyeenya kana sadarkaa sadarkaa ijaarsi warshichi irra jiru ilaaletti akka himanitti, ijaarsi warshichaa bajata qarshii biliyoona shaniin nannawaa Magaalaa Tarcaa Ganda Laallaa Ganjiitti adeemsifamaa jira. Ijaarsi warshichaa bara 2014 kan jalqabe yoo ta'u, dhiyeenyatti xumuramee hojii kan jalqabu ta'a.

Warshichi cilee miicame kan Warshaa Simmintooftu oolu kan dhiyeessu ta'uu himanii, dhagaa cilee warshichi miicce dhiyeessu kan biyyattiin Afrikaa Kibbaarraa galchuu kan hambisuufi omisha biyya keessaatiin kan bakka buusu ta'us eeraniiru.

Warshichi sa'aatii tokkotti dhagaa cilee toonii 150 miicuu kan danda'u ta'uufi sa'aatii 24 kan omishu ta'uu himanee, waggaa ammoo dhagaa cilee miicame toonii miliyoona tokkoo ol omisha. Yoo akka tasaa

ta'ee tajaajilli elektirikii addaan cite jeneretariin ammayyaa'aan warshicha sochoosu qophaa'uus himaniiru.


Warshichi dhagaa cilee alaa galu %75n kan hir'isu ta'uu himanii, hojii ijaarsa warshichi ji'a tokko booda xumuramee hojii kan jalqabu ta'uufi namoota 400 oliif carraa hojii kan uumu ta'uu himaniiru.

Albuudni cilee galtee warshichaaf barbaachisu naannawichatti (Godina Daawuroofi Kontaatti) bal'inaan bal'inaan kan argamu ta'us eeraniiru.

Balfi warshicha keessaa ba'u naannawaa akka hinfaaleef warshichi balfa baasu deebisee kan ittifayyadamu ta'uu himanii, warshichi teknoloojii ammayyaan deggeramee hojjetamaa jiraachuu himaniiru.

Warshichi tajaajila hawaasummaa kennuurrattis hirmaannaa taasisaa jiraachuu kan himan Obbo Wandimmuun, barattoota ganda Laallaa Ganjii kutaa Iffaa hanga 8ffaatti jiran 900f dabaraafi qalama qarshii miliyoona tokkoofi kuma 330n bitee kenneera. Mana barnootaa kutaa barnootaa shan qabu ijaaruu qophiirra jiraachuu eeraniiru.

Warshichi Ganda Shabaa Yooyyooti ammoo Kellaa fayyaa tokko ijaaruudhaan meeshaalee barbaachisaniin guutee dabarsee kan kenne ta'uu himanii, naannawaa warshichi itti ijaaramaa jiru Ganda Laallaa Ganjiittis



Suurri Haddush Abrahaatiin

Kellaa fayyaa biraa ijaaraa jiraachuu himaniiru.

Bulchaan Godina Daawuroo Obbo Wandimmuu Gabayyoo akka jedhanitti, godinichi albuuda dhagaa cilee bal'aa kan qabu ta'uu himanii, warshaan albuuda dhagaa cilees ijaaramee xumuramaa jiraachuufi dhiyeenyatti eebbifamee hojii kan jalqabu ta'uu himu.

Warshichi Kubbaaniyaa Misooma Albuuda 'ET' (ET MINERAL DEV. T.S.C) jedhamuun qarshii biliyoona 5.2n ijaaramaa jiraachuu kan himan Obbo Daawit, warshichi cilee miicame kan Warshaa Simmintooftu gargaaruufi biyyattiin maallaqa guddaadhaan Afrikaa

Kibbaarraa bittee galchitu sadarkaa olaanaadhaan kan hir'isuufi dargaghoota 400 oliif carraa hojii bal'aa kan uumu ta'us eeraniiru.

Dargaggoo Abbaabaa Cumbaalaa dargaggoota hojii ijaarsa warshichaarratti hirmaatanii jiran keessaa isa tokko. Dargaggoo kun akka jedhutti, hojii ijaarsa warshichaarratti hirmaachuu erga jalqabee waggaa tokkoofi walakkaa ta'eera. Duraan hojii mukaa hojjechaa turuufi yeroo ammaa warshicha keessatti hojii sibiilaarratti hirmaatee hojjechaa jira. Yeroo ammaa hojii sibiilaatiin muuxannoo gaarii kan horate ta'us himera.

Roobni ji'a Bitootessaa hojii qonnaafi nyaata beeyiladaatiif mijataadha

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Roobni ji'a Bitootessaa hojii qonnaafi nyaata beeyiladaa biqichuuf mijataa ta'uu Inistiitiyuutiin Metiworoloojii Itoophiyaa beeksise. Ittigaafatamaa Ittaanaa Damee Raaga Metiworoloojii, Tajaajila Gorsaafi Qorannoo Inistiitiyuutiichaa Doktor Asaaminoo Tashoomaa ibsa dheengadda Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, kutaalee biyyattiitti rooba arfaasaa argatanitti roobni ji'a Bitootessaa hojii qonnaafi nyaata beeyiladaaf mijataadha. Kanaafis, qonnaan bultoonni qophii oyiruufi galtee omisha qonnaa taasisuun barbaachisaadha.

Akka ibsasaaniitti, Gurraandhala 22 bara 2016 irraa eegalee guyyoota kudhan keessatti kutaalee biyyaa

Kibbaa, Kaaba Bahaa, Giddugala, Kibba Dhihaa, Sulula Qinxamaafi nannawaa ollaatti rooba fooyya'aatu argamaa jira. Kutaaleen biyyaa rooba arfaasaan omishan hedduun rooba salphaa hanga giddugaleessaatti akka eegamu himanii; Kibba, Giddugala, Kaaba Bahaafi Kibba Dhihaa rooba guddaatu eegama jedhaniiru.

Naannoo Oromiyaa godinaalee Jimmaa, Shawwa hundumaa, godinoota Arsii Dhiyaafi Arsii, Baalee, Gujii Dhiyaa, Finfinneen rooba idileetti dhiyaatu wayita argatan bakkeewwan muraasatti ammoo rooba guddaa argatu. Naannoo Amaaraa Goojjam Bahaa, godinoota Walloo Kaabaafi Kibbaa, Waagimira, Shawaa Kaabaa, naannoo Sidaamaa, Itoophiyaa Kibbaafi Kibba Dhiyaa, Itoophiyaa Giddugala haaluma walfakkaatuun rooba idileetti dhiyaatuun kan argatan yommuu ta'u bakkeewwan

muraasatti ammoo rooba guddaa rooba.

Buunoo Baddallee, Iluu Abbaaboor, Gujii, Godinoota Booranaa, Harargee Bhaafi Dhiyaa, Baalee Bahaa, Hararii Dirreedawaa, Godinoota Goondar Kibbaa, Godinoota Affaar, Godinoota Tigiraayi Kibbaa, Kibba Bahaafi Bahaa, Sumaalee Sitti, Fafan, Daawwaa godinoota Liiban rooba xiqqa argatu.

Bitootessa 2-12/ 2016 kutaalee biyyaa waqtiin arfaasaa rooba argatan hedduun fayyadamoo rooba ta'un walqabatee Kaaba Bahaa, Baha, Kibbaafi Kibba Bahaa rooba cimina akka argatantu eegama jedhanii; Kanaan walqabatee Kibba Bahaa, Giddugaleessa, Kaaba Bahaafi Bahatti rooba salphaa hanga giddugaleessa akka argatan ibsaniiru.

Roobni kun qaamolee bishaanii kanneen akka Omoofi Gibee gara oliifi giddugala, Sulula qinxamaa, Awaash, yaa'aa laga Abbaayyaa, Baaroo Akooboo Giddugalafi gara olii, Affaar Danaakil, Ganaalee Daawwaa gara olii muraasaafi Yaa'aa laga Takazeetti jiidhinsi qilleensa dhiibbaa uumuudhaan kutaalee biyyaa rooba arfaasaan omishan bakkeewwan muraasatti jiidha guddaa akka argatan taasisa.

Haalli kun ammoo jiidhinsa biyyee fooyyessuun sanyii midhaanii dursanii faca'an akka biqilani guddatan taasisa jedhanii; dhaabbii biqilootaafi nyaata beeyiladootaaf bishaan gahaan waan argamuuf qonnaan bultoonni bakkeewwan kunneenitti argaman hojii qonnaaf waan isaan barbaachisu dursanii akka qopheffatan dhaamaniiru.

Ijoo Dubbii

Dubartoota haa ga'oomsinu, misoomaafi nageenya haamirkaneessinu

Rakkoollee walxaxoofi dhabiinsa hubannoo addunyaa, ardiifi biyya keenya keessa turaniin dubartootarra dhiibbaawwan kanneen akka dinagdee, siyaasaafi hawaasummaatiif saaxilamaa turuunsanii nibeekama.

Guyyaan dhiibbaa dubartootarra ga'aa ture kana balaaleffachuu ittijalqabame akka addunyaatti yeroo 113ffaaf, biyya keenyatti ammoo al 48ffaaf mataduree, "Dubartoota haa ga'oomsinu, misoomaafi nageenya haamirkaneessinu" jedhuun sagantaalee addaddaatiin kaleessa kabajameera.

Ayyaanichi oggaa kabajamu bu'ura mirgaafi walqixa fayyadamuu dubartootaa heera RFDI, keeyyata 35ratti tumame gama mirkaneessuutiin keessumaa bu'aalee tarkaanfillee jijjiirama baatii Bitootessaa bara 2010 as fudhatamaniin galmaa'aniif beekamtii kennuun ta'uu qaba.

Gama mootummaatiin hojjiileen dubartoota gara hoggansaatti fiduuf hojjetaman, bu'aalee argamaniifi hanqinoota mul'atanirratti waloon hojjechuudhaan jijjiiramicha ittifufsiisuuf kutattummaan tattaafachuu barbaachisa.

Akka ijoottis jijjiirama akka biyyaatti keessa jiramu duubatti deebisuuf alaa diinonni seenaawwan Itoophiyaa ergamtoota mindeeffamoo biyya keessaa wajjiin ta'uun biyyattii boqonnaa dhorkanii rakkoo keessa galchuudhaan imala guddinaashii gufachiisuuf irraddeddeebiin yoo yaalanillee abjuunsanii maseeneera.

Dubartoonni oggaa biyya keenya waraanni mudatu adda waraanaatti adda durummaan duulurraa kaasee miseensota raayyaa ittisaa gaafachuufi kunuunsuun akkasumas meeshaalee barbaachisoo dhiyeessuu bira darbee gama kutalee hawaasaa rakkoollee garagaraatiif saaxilaman utubuutiin ergama namoomaasaanii bahataniiru.

Bu'uuruma kanaan ayyaanichi oggaa kabajamu qabiyyee seenaarraa ka'uun sadarkaa hirmaannaafi sochiin dubartootaa sadarkaa biyyattis ta'e addunyaa ammaan tana irra gahe qorachaafi hubachaa fuulduratti tarkaanfachuun barbaachisaadha.

Kanaan fedhii babal'ifannaa bittaa ALA 1800 - 1900tti tureen walqabatee akkasumas waa'een mindaa gadaanaafi sa'aatii, mijachuu dhabu iddoofi haala hojii dhiibbaafi daba dubartootarraa gaheen miidhaa qaqqabsiiseera.

Sababa cunqursaa dubartootarra qaqqabaa tureetiin bara 1908 falmiin siyaasaa cimaan adeemsifamaa ture. Dubartoonni kuma 15 Niiwu Yorkitti addababa'iitti ba'uun sa'aatiin hojii akka hir'atu; kanfaltii fooyya'aa/ hojii walqixaaf kanfaltii walqixaafi mirgi filachuufi filatamuu akka kabajamuuf sagaleesaanii dhageessisaniin turan.

Waggaa tokko boodas Guraandhala 28 bara 1909 Paartiin Soshaalistii Ameerikaa Guyyaa Dubartootaa isa jalqabaa labse. Dubartoonni sosochii idilaaddunyaa hordofees mirga walqixxummaasaanii mirkaneeffachuuf qabsaa'aniiru. Siyaasa dabalatee dameelee addaddaatiin waan guddaa gumaachaniiru.

Fakkeenyaafis dubartoota sirna appaartaayidii balaaleffachuudhaan qabsaa'an keessaa haati warraa pirezidaantii duraanii Afrikaa Kibbaa Wini Maandeellaarraa kaasee weellistuu beekamtuu Maarii Maakeebaa eeruun nidanda'ama.

Gaaffii mirgaa biyyoota Afuritti babal'ateen miirri dorgomummaa dubartootaa waan cimaa dhufee Elan Joonsan Sarkiliif pirezidaantii dubartii jalqabaa Laayibeeriyaa ta'uu danda'aniiru.

Biyya keenyattis durii kaasee dubartoonni sarbama mirgaafi cunqursaan dhiirotaan irra gahaa ture tattaaffiidhumasaaniitiin cabsanii keessa darbuun seenaa hojjetaa turaniiru.

Ogummaa uumamni isaan badhaasteenis ta'e humna, muuxannoofi leenjiiidhaan argataniin biyya bulchuudhaan ashaaraasaanii gaariis kaa'anii darbuusaaniif seenaan ragaadha.

Dubartoonni waliigalteefi waljijjiirraa yaadaa gochuufi waliisaaniif waliigaluurratti kenna qabu. Akka ragaaleen eeranitti yeroo baay'ee dubartoonni oggaa hiriyoootaasaanii dhiiraa wajjin dorgoman waljijjiirraa yaadaa cimaa gochuufi walumasaaniif waliigaluurrattu dandeettii qabu.

Walumagalatti akka biyya keenyaatti baay'ina ummata biyyattii keessaa %52 qabatan kanneen ga'oomsuun dandeettiisaanii addaa kanas ta'e kaan hojiiitti hiikuudhaan misoomaafi nageenya haa mirkaneessinu.

Keessumaa jijjiiramaa as hojiilee gama dubartoota ga'umsa qaban gara hoggansaatti fiduun eegalame fakkeenyaan kan eeramu waan ta'eef wantoota ammayyuu dubartootarraan dhiibbaa ga'an maqsa fayyadamummaa biyyas ta'e hawaasaa caalaatti mirkaneessuuf jalqabbii abdachiisaan gama hundaan eegalame ittifufuu qaba.

Yaada

Guyyaan Dubartoota Addunyaa ('March 8') yoom, akkamitti jalqabame?

Natsaannat Taaddasaatiin

Guyyaan Dubartoota Addunyaa ('March 8') warraaqsa dubartootaatiin kan jalqabe yoo ta'u, guyyaan kun yeroo ammaa Mootummoota Gamtoomaniin beekamtii argatee waggaa waggaan mata duree gara garaatiin kabajamaa jira.

Guyyaan Dubartoota Addunyaa ('March 8') ALA bara 1908 Magaalaa Niiw Yoorkitti jalqabame. Yeroo sana dubartoonni kuma 15 ta'an "Sa'aatiin hojii hafooyya'u (haa gabaabbatu), dubartoonni kaffaltii fooyya'aa argachuu qabu, dubartoonni filannoorratti hirmaachuu qabu" jechuun hiriira mormii adeemsisan.

Hiriirri mormii kun eegalamee guyyoota afur booda bulchaan aangoo gadhiisee mootummaan haaraa dhufe dubartootaaf mirga filachuu kenneera. Waggaa tokko booda ammoo Paartiin Soshaalistii Ameerikaa yeroo jalqabaatiif 'Guyyaa Dubartoota Biyyaalessaa' labse.

Yaa'ii Biyyoolessaa Hojjetoota Dubartoota Biyyoolessaa ALA bara 1910 Denmaarki, Kooppaan haaganitti adeemsifamerratti Guyyaan Dubartootaa sadarkaa biyyoolessaatti akka kabajamuuf Dubartiin Lammii Jarmanii 'Clara ZetKin' jedhamtu yaada dhiyeessite. Dubartoonni biyyoota addunyaa 17 irraa babba'an 100 yaa'icharratti hirmaatan guutummaan yaada dhiyaate deggeruun irratti waliigalan.

Guyyaan Dubartoota Addunyaa (March 8) inni jalqabaa ALA bara 1911 Awustiraaliyaa, Denmaaki, Jarmaniifi Siwizarlaanditti kabajame. Guyyichi seeraan kan simatame bara 1975tti yeroo Mootummoti Gamtoomaniin (UN) guyyicha ayyaneffachuu eegaletti.

Guyyaan Dubartoota Addunyaa ('March 8') barana akka addunyaatti yeroo 113ffaaf akka Itoophiyaatti ammoo yeroo 48ffaaf kaleessa mataduree "Dubartoota haa ga'oomsinu, misoomaafi nageenya haamirkaneessinu" jedhuun sadarkaa biyyaafi naannoleetti kabajameera. Kabajamuun guyyichaa mirgi namummaafi dimokraasummaa dubartootaa akka kabajamu taasisuu, kabajaafi faayidaa maluuf akka argatan gochuurratti xiyyeeffata.

Jaarraan 19ffaan yeroo dubartootni kabajama mirgoota namummaasaaniitiifi dimokraasiif sagalee dhageessifachuu itti eegalaniidha. Yeroo sana biyyoonni industiriidhaan badhaadhan fayyadamummaa qixxee korniyaawwan lamaaniitiif xiyyeeffannaa kennanii hojjetaa hinturre. Dubartootni mirga filachuufi filatamuusaanii kabachiisuuf sochii taasisuu kan eegalan jaarraadhuma kana keessa ture.



Akka Itoophiyaattis mirgootni namummaafi dimokraasummaa dubartootaafi faayidaa isaan gama hawaasummaa, dinagdeefi siyaasaa keessatti qaban kan dhiirotaa wajjin walqixa kabajamaa hinture. Ilaalchiifi kabajni dubartootaaf kennamus gadaanaa ture. Hirmaanna dubartootni siyaasa keessatti qabaachaa turanis kan dhiirotaa waliin yoo ilaalamu gadaanaa ture. Yeroo ammaa garuu sochiifi qabsoo dubartootni taasisaa turaniin mirgoota isaanii kabachiisaa, faayidaafi hirmaanna gama hawaasummaa, dinagdeefi siyaasaa keessatti qaban mirkaneeffachaa jiru.

Dubartummaan kabaja. Dubartiin maatii kunuunsuufi jiruufi jireenya hawaasaa naannawa keessatti gahee olaanaa qabdi. Knaafuu dubartiin utubaa maatii, manaafi biyyaati. Gahee dubartootni jiruufi jireenya hawaasummaa, maatii, naannawaafi biyyaa keessatti qaban olaanaa waan ta'eef dubartoota kabajuu, dursa kennuufi, mirgaafi faayidaasaanii kabajuufi kabachiisuun barbaachisaadha. Dhiironnis dubartiirraa waan dhalataniif dubartootaaf kabajaa barbaachisu kennuu qabu.

Baay'ina ummata biyyattiis ta'e addunyaa keessaa harki caalu dubartoota waan ta'aniif mootummaanis mirga dubartootaa kabachiisuu, faayidaafi hirmaannaasaanii mirkaneessuurratti xiyyeeffatehojjechaa jira. Hojiileemirga dubartootaa kabachiisuu, miidhaawwan keessumaa gama koorniyaatiin isaanirra gahan hir'isuuf akkasumas hirmaanna isaan siyaasa, hawaasummaafi dinagdee keessatti qaban caalaatti guddisuufi fayyadamummaasaanii mirkaneessuuf gama hundaan raawwatamaa jiran daran cimaniiti ittifufuu qabu.

Guyyaan Dubartoota Addunyaa waggaa waggaan kabajamus rakkoollee dubartootaa furuu, mirgootaasaanii kabajuufi faayidaasaanii gama hawaasummaa, dinagdeefi, siyaasaatiin argachuu qaban mirkaneessuurratti xiyyeeffachuun ta'uu qaba. Dubartoonis qabsoo mirgaafi faayidaasaanii kabachiisuuf taasisaan daran cimsanii ittifufuu qabu.



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii

1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata

Pireesii Itoophiyaa

Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22

Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundeessaa

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

chhundessa@yahoo.com

email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Qopheessitootni:

Saamraawit Girmaa

Natsaannat Taaddasaa

Bayyanaa Ibraahim

Waaasihun Takilee

Adeemsisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et



Ethiopian Press Agency

ODUU



Obbo Mabraatuu Roobaa

Gujiitti qonnaan bultoonni 143 gara investimantiitti ce'an

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Godina Gujiitti ji'oota ja'an darbanitti qonnaan bultoonni 143 gara investimantiitti ce'uu Waajjirri Investimantii godinichaa beeksise.

Ittigaafatamaan waajjirichaa Obbo Mabraatuu Roobaa torbee darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, godinichi damee investimantii qonnaafi albuudaatiif baay'ee mijataadha. Haaluma kanaan ji'ootan ja'an darban qofatti abbootiin qabeenyaa qarshii biliyoona lamaa ol galmeessan investimantii damee qonnaarratti bobba'uun namoota kuma sagaliifi 591 ta'aniif carraa hojii uumuu danda'aniiru. Haaluma walfakkaatuun misooma hoteelaarratti abbootii qabeenyaa 28f eeyyamni investimantii kennameera.

Godinicha keessa pirojektoota investimantii 857 jiraachuu kan dubbatan Obbo Mabraatuu; hawaasni godinichaa duudhaa Sirna Gadaatiin waan buluuf abbootiin qabeenyaa hojii investimantiirratti bobba'an hammachuusaan abbootiin qabeenyaa kunneen yaaddoo nageenyaa tokko malee hojjechaa akka jiran ibsaniiru.

Yeroo ammaa fooyya'uun nageenyaa hojii investimantiif haala mijataa ta'uu ibsanii; aanaalee godinichaa 13 keessaa aanaaleen 11 guutumaan guututti yaaddoo nageenyaarraa bilisa akka ta'ee fi aanaalee lamaan hafan gandoota muraasa keessatti darbee darbee rakkoon nageenyaa jiraachuu yaadachiisaniiru.

Hojii investimantii albuudaatiif godinichi mijataadha kan jedhan Obbo Mabraatuu; warqeefi kooparii dabalatee akaakuuwwan albuudotaa 30 ol akka jiran qorannoodhaan adda ba'uusaa dubbataniiru. ta'uu ibsaniiru.

Jijjiiramaa dura sababa investimantiitin beenyaa gahaa osoo hin argatin qonnaan bultootni hedduun jiruufi jireenyasaaniirraa kan buqqa'an ta'uu himanii; rakkoon yeroo sana ture ammaan tanas qonnaan bultootni yoommuu investimantiin garasaaniitti babal'atu akka yaadda'an taasisaa jira jedhaniiru.

Bu'uuralee misoomaa ilaalchisee Obbo Mabraatuu akka jedhanitti, aanaaleefi magaalota tokko tokko keessatti rakkoon humna ibsaan wal qabatee nijira. Rakkoon daandiifi bishaanii barootaf kan ture ta'us yeroo ammaa furamuusaa ibsaniiru.

Qonnan bulaa yoo jajjabeessine investara baay'ee uumuu ni dandeenya kan jedhan Obbo Mabraatuu; qonnaan bulan sanada lafasaa qabsiisuun baankiirraa liqeffatee hojii investimantiirratti akka bobba'u mootummaan hojmaata diriirsuus hanqinni raawwii guddaan jiraachuu dubbataniiru.

Biirichi giddugala tursiisa daa'immanii babal'isaa jira

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Manneen hojii mootummaa keessatti giddugala tursiisa daa'immanii babal'isaa jiraachuu Biiron Dhimma Dubartootafi Daa'imman Oromiyaa beeksise.

Biirichatti Daarektarii Kominikeeshinii Aade Ruuqiya Bashuu ibsa Kamisa darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, biirichi aangoofti ittigaafatamummaa Caffeen Oromiyaa kenneefirratti hundaa'uun inisheetivii guddina daa'immanii qopheessee hadholiifi daa'immaniif kunuunsi barbaachisu akka taasifamu gochuurratti argama.

Hojiin iddoo tursiisa daa'immanii ijaarsisuun hojii jalqabsiisuu kun sektarota bulchiinsa magaalotaafi godinaalee keessatti raawwii gaariirratti kan argamu ta'uu himanii, sadarkaa biirolee Oromiyaattimmoo babal'isuuf xiyyeeffannoo addaatiin hojjechuu gaafata jedhan.

Giddugalli tursiisa daa'immanii kun yoo mijate haadhoolii hojjetoota mootummaa hojiisaaniitiin bu'aaqabeessa akka ta'an gochuun gahee isaan guddina biyyaa keessatti qaban dabaluufti daran gargaara kan jedhan Aade Ruuqiyaan; bakki tursiisaa ijaaramu kun fayyaa daa'immaniitiif akka ta'utti istaandaardisaatiin hojjetamaa jira jedhaniiru.



Wayita iddoo tursiisa daa'immanii Waajjira Caffee Oromiyaatti ijaarame eebbifametti

Giddugalicha ijaaruufi babal'isuun akka Naannoo Oromiyaatti hojii yeroo dhiyoo keessa jalqabame ta'uus eeranii, hojicha cimsuuf mootummaan jijjiiramaa xiyyeeffannoo addaatiin hojjechaa jiras jedhan.

Biirolee Naannoo Oromiyaa Finfinneetti argamanitti baay'inaan iddoo mana jireenya hojjetoota mootummaafi argama biirolee waan walirraa fagaatuuf haadhooliin daa'immansaanii gara giddugaloottaati fiduuf fedhiinsaanii gadaanaa ta'uu ibsuun, giddugalootta kanneen biiroleedhaaf kilaastaraan ijaarsifamaa jiraachuu ibsaniiru.

Kanaafis akka giddugalli tokko biirolee hedduuf ta'utti karoofamee hojjetamaa jira, torbee darbe giddugalli tursiisa daa'immanii mooraa waajjira Caffee Oromiyaatti eebbifame daa'imman hojjetoota Caffeeitti qofa osoo hintaane kan hojjetoota biirolee Oromiyaa naannawa Saarbeetti hundaati jedhan.

Iddoo tursiisa daa'immanii kun haadhooliifi daa'imman walitti dhiyeessuun sammuu daa'immaniifi tasgabbi hadholiif shoorisaa guddaa ta'uu ibsanii, daa'immansaanii guddisuuf jecha haadhooliin hojii mootummaarraa akka adda hinbaane taasias jedhan.

Leenjichi geengoo hiyyummaa keessaa ummata baasuuf shoora olaanaa qaba

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Leenjiin leenjistootaa ogeeyyiin qonnaa 2,600 paakeejii misooma arfaasaafi gannaarratti kenname geengoo hiyyummaa keessaa ummata baasuuf shoora olaana qaba jechuun Biiron Qonna Oromiyaa ibse. Leenjichis marsaa lamaan Gurraandhala 18-27 magaalaa Adaamaatti gaggeeffameera.

Hogganaan Biiroo Qonna Oromiyaa Obbo Geetuu Gammachuu sirna goolabbii leenjichaarratti argamuun haasaa taasisaniin, leenjiin leenjistootaa paakeejii misooma arfaasaafi ganna baranaaf ogeeyyii qonnaa kenname imala geengoo hiyyummaa keessa ummata baasuuf gumaacha olaana qaba. Hoggansi biirichaa sadarkaa naannoorraa hanga gandaatti jiru walhubachuun karoora qabame hojiitti hiikuuf gahee guddaa qaba.

Akka ibsasaanitti, karoora hiixataa bara omisha 2016/2017 ba'e hojiirra oolchuun inisheetivoota guguddoo akka naannootti qophaa'an milkeessuuf leenjiin ogeessota hafaniifi hojjetoota akkasumas qonnaan bulaa miliyoona shan biraan ga'uuf kan hojjetamu ta'a. Haala yeroo faana fayyadama teknolojii, makaanaayizeeshinii, fayyadama xaa'oo, sanyii filatamaa keessumaa qonnaan bultoota fayyadamoo taasisiuf qonna gabaarratti xiyyeeffate taasisuun walqabatee olii hanga gadiitti hubannoo ga'aa uumuuf leenjii xiyyeeffateedha jedhaniiru.

Qonna arfaasaa lafa hektaara miliyoona 1.23 akkasumas qonna gannatti lafa duraa hektaara miliyoona 12 ol misoomsuuf karoofamuu himanii; insheetivota 28 akka mootummaatti adda ba'an giddugaleeffachuun agiroo ikooloojii naannawaa bu'uureffachuun milkaa'ina galmeessisuuf hindu mudhiisaa hidhachuu qaba jedhan.



Obbo Geetuu Gammachuu

Hojiin kilaasteraa lafa qofaa osoo hin taanee sammuu qonnaa bulaa keessatti itichuuf hojii hubannoo uumuu bal'inaan akka kennamus ibsaniiru. Alseerummaa guddistuu callaarratti mul'atufi dhiyeessii sanyii filatamaan walqaban maqsuun hojiitti seenanamuus hubachiisaniiru.

Daarektarii Olaanaan Inistitiyuutii Qorannoo Qonnaa Oromiyaa Doktor Tashoomaa Boggaalaa gamasaaniin, qonna naannichaa ceessisuuf qorannoon deggeramee omisha qonnaa gaba, agroo ikooloojii naannawaafi kilaastaraan qotuuratti xiyyeeffatamuu qaba jedhanii; baay'ina ummtaa dabalaa jiru kan madaalu lafa xiqqooratti teknolojiiif galteewwan ammayyaa fayyadamuun omishaafi omisummaa guddisuuf leenjichi gahee qabaachuu dubbataniiru. Inistitiyuutichis

qorannoowwan garagaraa geggeessuuf gumaachasaa ba'achaa jiraachuu himanii; wabii midhaan nyaataa mirkanessuuf sochii garagaraa taasisaa jiraachuu ibsaniiru.

Waajjira Qonnaa Godina Jimmaatti Ittigaafatamaan Garee Ekisteenshiniifi Agro Binasii Obbo Makonnon Gammachuu leenjicharratti hirmaatan teknolojii haaraa yeroo gara yerootti fooyya'u duukaa qonna ceessisuuf leenjiin fudhatan faayidaaqabeessa ta'uu ibsaniiru.

Leenjiin leenjistootaa dandheetii raawwaachiisummaa cimsua, teknolojii faana tarkaanfachuun imala omishaafi omisummaa guddisuu milkeessuu himanii; ogeeyyiin qonnaa godinichaa sadarkaan jiran leenjichaaf of qopheessuu akka qabani hubachiisaniiru.

Mijuu

BARIISAA SANBATAA Guraandhala 30 Bara 2016

Maammaa Tsahaay Tolasaa:
Akka kitaabni
“IBIDDA BOBA’U KEESSA”
dubbisiisetti

fuula 8



**“Babal’ifannaan daangaa humnaan
taasifamu gufuu misooma
keenya waan ta’eef haqa bakkatti
deebisuun misooma ittifufsiisuun
furmaata”**

- Aadde Ikraam Xahaa

fuula 6



**‘March 8’
sadarkaa
dubartoonni
har’a irra gahaniif
bu’uura**

fuula 9



Dhaabbata Abbagaar Ummataa Itoophiyaa wajjin Walta’uun torban torbaniin kan dhiyaatuudha

Raawwii hojii ji’oota jahaa Dhaabbata Abbagaar ummataa damee Oromiyaa

Kutaa 4ffaa

Yaadota furmaataa kennamaniin bu’aawwan argaman

Galmee tokko kan Obbo Fireewu Baqqalaa dhimma iyyannoo kiliraansii dhoowwatamuutiin walqabatu yemmuu ta’u, kunis namni kun qabeenya dhaabbatichaa sababa hojiitiif isa bira ture hunda kan deebise ta’us dhaabbatichi geggeessituu kiliraansii dhorkachuu irratti iyyatanii turan.

Dhaabbanni abbagaar ummataa iyyannicha bu’uura taasifachuun qorannoo gaggeesseen iyyannoon dhihaate sirrii ta’uusaa mirkaneessuudhaan dhaabbatichi iyyataa kanaaf kiliraansii akka kenneef yaada furmaataa kenne ture. Dhaabbatichis yaada furmaataa kennameef sana fudhachuudhaan namticha iyyannoo dhiheesseef kiliraansii kenneera.

Galmeen biraa kan gargaaraa Saajin Dachaasaa Kumsaa yemmuu ta’u, inni seeraan ala hojiisaanii irraa ari’amuu kan ilaallatu ture. Dhaabbanni abbagaar iyyannicha bu’ura taasifachuudhaan qorannoo gaggeesseen komiin iyyataan dhiheeffate sirrii ta’uu kan mirkaneesse ta’uu qofaa osoo hintaane, iyyatichi

gara hojii idileesaatti akka deebi’uuf kallattii kaa’uudhaan dhaabbatichis yaada furmaataa fudhatee iyyataa sana gara hojiitti deebiseera. Kana qofaa osoo hintaane, kanfaltii iyyataan yeroo hojirraa ari’ametti osoo hinkanfalamiiniif ture akka argatuuf haalli mijateefii raawwatameera.

Akkasumas galmeen namoota lama ittaanaa Saajin Sanyii Damasaafi Saajin Hirphasaa Tolosaa haala iyyannoosaanii irratti dhaabbanni abbagaar qorannoo gaggeessuudhaan miidhaan bulchiinsa gaarii raawwatamuu kan mirkaneeffate yemmuu ta’u, kanaanis waraqaan qulqullummaa ykn kiliiraansiin isaan gaafatan akka kennamuuf yaadni furmaataa dhaabbatichi kennes qaama dhimmichi ilaaluun fudhatama argatee raawwatameera.

Galmeen Obbo Shamsuu Zaynuus galmeewwan dhihaatan keessaa isa tokko yemmuu ta’u, iyyannoosaaniitiifi deebii waajjira dhimmi ilaallatturratti hojii qorannoo gaggeeffameen miidhaan bulchiinsaa jiraachuun waan adda baheef, waajjirri dhimmichi ilaallatu kun tajaajila iyyataan barbaadu akka kennuuf yaada furmaataa dhaabbata abbagaar ummataarraa kenname fudhachuudhaan

iiyyatichaaf tajaajilli addaan jalaa cite ittifufeera.

Galmeen biraa kan Aadde Fiqirtaa Abarraa yemmuu ta’u, iyyannoosaanii seeraan ala hojiisaanii irraa kaafamanii iddoo biraatti ramadamuusaanii ture. Iyyannoo kana bu’ura taasifachuudhaan qorannoon dhaabbanni abbagaar gaggeesses miidhaan bulchiinsaa raawwatamuu kan mirkaneessu waan ta’eef waajjirri dhimmichi isa ilaallatu iyyataa kana iddoo dura turanitti deebisee akka ramaduuf yaada furmaataa kenname fudhatee iddoo isaan barbaadaniifi seeraan kennameeffitti deebi’anii akka ramadaman taasifameera.

Galmeen Obbo Tamasgeen kan namoota 15 of jalaa qabuufi kan Aadde Burtukaan Badhaanee namoota lama of jalaa qabu walumaagalatti namootni 17 ta’an iyyannoo jijjiiraadhaan walqabatee dhiheeffatanii turan irratti qorannoo gaggeeffameenis miidhaan bulchiinsaa raawwatamuu waan mirkanaa’eefrakoon kun akka sirratuuf yaadni furmaataa dhaabbata abbagaar ummataatiin dhihaate fudhatama argachuudhaan jarri hundi iddoo barbaadan sanatti deemanii akka hojjatan taasifameera.

Obbo Siraj Mahaammad immoo qabiyyeedhaan walqabatee beenyaa qabiyyee argachuudhaan walqabatee iyyannoo dhiheeffatanii kan turan yemmuu ta’u, dhaabbanni abbagaaris iyyannoo dhihaaterratti qorannoo gaggeesseen miidhaan bulchiinsaa jiraachuusaa waan mirkaneeffateef qaamni dhimmisaa ilaallatu beenyaa akka isaaniif kanfaluuf yaada furmaataa kaa’ee ture simatee beenyaan birrii miiliyoona 1.7 ta’u akka isaaniif kanfalamu taasisuun danda’amee jira.

Galmeewwan dhihaatan keessaa jaha mariidhaan waan xumuramaniif bu’aa argame

Galmee Obbo Malkaamuu Bantii kan namoota 10 of jalaa qabu, galmee Taarikuu Eebbisaa kan namoota sadii of jalaa qabu, galmee Obbo Bulchaa Galalcha, galmee Obbo Olbiraat Dabalaa kan namoota saddeet of jalaa qabuufi Obbo Eebbisaa Taasisaa namoota 30 of jalaa qabu waliin galaan namoota 52 ta’an irratti marii bilbilaan qaamota dhimmichi ilaallatu waliin taasifameen rakkoon jarri komate marii qofaan akka furamu taasifameera.

Ittifufa

KEESSUMMAA BARIISAA

“Babal’ifannaan daangaa humnaan taasifamu gufuu misooma keenyaa waan ta’eef haqa bakkatti deebisuun misooma ittifufsiisuun furmaata”

- Aadde Ikraam Xahaa

Waasihun Takileetiin

Godinni Harargee Lixaa godina kanaan dura omisha jimaafi albuudaan daran beekamuudha. Haata’uutii dhiyeenya kana keessumaa waggoota sadan darbanitti misooma jallisiin haala hinbaratamneen inisheetivii qamadii babal’isuun eeggattummaa midhaan nyaataa maqsuun godina seenaa hojjetaa jiruudha.

Omisha jimaatiinis bu’aalee olaanaan kan galmaahan yoo ta’u, sochii misoomaa waliigalaa, nageenyaafi hudhaalee akka godinichaatti jiran ilaalchisuun Bulchituu Godina Harargee Lixaa Aadde Ikraam Xahaa waajirasaaniitti argamuun keessummaa Bariisaa maxxansa kanaa godhanneerraa dubbisa gaarii.

Bariisaa: Godinni Harargee Lixaa aanaaleefi gandoota meeqa qaba?

Aadde Ikraam: Godinni Harargee Lixaa aanaalee 15, magaalota shaniifi gandoota baadiyyaa 455 kan qabu yoo ta’u, hawaasni qonnaan bulaa, horsiisee bulaafi misoomawwan garagaraarratti bobbahe keessatti argama.

Bariisaa: Wayita maqaan Godina Harargee Lixaa dhahamu omisha jima qofaan kan beekamu godhanii kan ilaalan jiruutii isin akkamiin ibsitu?

Aadde Ikraam: Dhugaa dubbaachuuf oggaa maqaan Godina Harargee Lixaa ykn Harargee waamamu misooma jima qofaan kan beekamu godhee kan ilaalu hedduudha.

Haata’uutii Harargee Lixaa misooma jimaatiin ala kuduraafi muduraan, albuudaan dabalataan ammoo waggoota sadan darbanii as inisheetivii omisha qamadiin godina bu’aa guddaa galmeessisaa jirudha.

Namni kan dhagahu qofa haasa’a. Gaafa qaamaan dhufanii arganimoo haqa jiru baruun salphaa waan ta’eef kallattii misooma qamadii gaaraa kenname hordofuun hojii hojjetameen bara bajataa 2015tti lafti hektaarii kuma 40fi 500 ol qamadiidhaan misooma sassaabbiif qaqqabeera.

Bariisaa: Kanaan dura wabii midhaan nyaataatiin of danda’uu dhabuurraa kan ka’e aanaalee gara garaatti tajaajilli reeshinii midhaan nyaataa kennamaa ture. Sun amma dhaabateera moo akkami?

Aadde Ikraam: Dhugaa dubbaachuuf inisheetiviin misooma qamadiifi kanneen biroo kanneen akka kuduraafi muduraa babal’achuun, misoomni albuudaa jajjabaachaa deemuun eeggattummaan gama wabii midhaan nyaataatiin mudachaa ture dhaabateera. Ummanni keenya xiiqiidhaan misoomatti bahee fayyadamummaasaa mirkaneessaa jira jechuun nidanda’ama.

Bariisaa: Akka godina keessaniitti kanaan dura misoomni qamadii hinbeekamu ture. Milkaa’inni kun akkamiin argame? Keessumaa misooma qamadii bonaa ykn jallisiin akkamiin milkaa’uu dandeessan?

Aadde Ikraam: Gaafa tarsiimoon inisheetivii qamadii diriifamu akka godinichaatti nimilkaa’a jedhee kan mane muraasa. Sababnisaa barmaanni jiru misooma jima qofa waan tureefi.

Haata’uutii karoora xiiqiin guutamnee

Dhugaa dubbachuuf fayyaan bu’uura waan hundaati. Barachuuf, hojjetanii jijjiiramuuf biyya ofis jijjiiruuf hawaasa fayyabuleessa qabaachuun murteessaadha

hojiitti seenuun miira hindanda’amuu hojiitti hiiknee bu’aa guddaa galmaa’eera. Kanaaf galtee guddaa ta’ee kan gargaare tajaajila lammummaatiin misoomni ashaaraa magariisaa babal’achuusaati.

Bariisaa: Misoomawwan biroo fayyadamummaa hawaasa godinichaa dhugoomsaa jiran kamfa’i?

Aadde Ikraam: Misoomni jima karaa qindaa’aa ta’een jechuunis dargaggootaaf sheediwwan daldalaa mijeessuu, giddugala gabaa qopheessuun, misooma bunaan, loon furdisuun, misooma lukkuun, albuuda baasuun, daldalaan, omisha kuduraafi muduraa irratti bobba’uun fayyadamummaa hawaasa keenyaa mirkaneessuuf hojiilee jajjaboon hojjetamaa turaniiru ammas ittuma jirra.

Gama investimantiinis abbootiin qabeenyaa misoomawwan hawaasa fayyadamoo taasisan gara garaa keessatti akka hirmaatan; kanamalees qonnaan bultoonni fooyya’oonis akka hirmaatan haala mijataa uumameen jijjiiramoonni misoomaa hawaasa fayyadamoo taasisan galmaa’aniru, ammas ittuma jiru.

Bariisaa: Misooma taasifamu kana karaa bilchaataa ta’een gaggeessuufis ta’e bu’aa gaarii argamsiisuuf dhaloota barnoota ammayyaan ga’oome qabaachuun murteessaadha. Sochiin gama misooma barnootaatiin jiru maal fakkaata?

Aadde Ikraam: Gama misooma barnootaatiin sochii mootummaan taasisaa tureefi kaka’umsa ummataatiin hojiin olaanaa hojjetameera. Kunimmoo daran hawaasa keenya kan boonsu, dhaloota barnoota ammayyaatiin of gahe horachuuf sochii taasifamu jabeessuu keessattis qooda guddaa



Suurri: Daanyee Abarraatiin

kan qabudha.

Manneen barnootaa 999 hirmaannaa ummataatiin ijaaramaniiru. Karaa hinbaratamneen daa’imman carraa barnootaa hinarganne hedduun barnoota idileen duraa (BID) keessatti bal’inaan hirmaannaa akka argatan taasifamaniiru. Kun milkaa’ina guddaa gama barnootaatiin galmeessineedha.

Bariisaa: Misoomni manneen barnootaa akkuma jirutti ta’ee barnoonni qulqullina qabu akka lafa qabatuuf sochiin jiru maal fakkaata?

Aadde Ikraam: Barnoota qulqullina qabu waliingahuuf tarkaanfiwwan gara garaa fudhatamaniiru. Keessumaa barattoota dandeettii addaa qaban ispeeshaa kilaasii galchuun qabxii olaanaan akka galmaa’u taasifameera.

Akka fakkeenyaatti bara 2015 kufaatii barnootaa qaqqabe keessatti godina keenyatti barattoonni dhibbanataa 4.9 gara yunivarsiitiitti seenuu dandhaniiru.

Lakkoofsi kun godinaalee biroo waliin walbira qabamee gafa ilaalamu milkaa’ina guddaa waan ta’eef kanaa ol galmeessisuun barnoota qulqullina qabu waliingahuuf hojjetaa jirra.

Barattoota keenyaaf barnoota qulqullina qabu kan waliin hingeenye yoo ta’e oolee bulee ba’aa maatiifi biyyaa waan ta’aniif gamanumaa irratti hojjechuun dirqama hunda keenya ta’usaatiin cichoominaan hojjetaa jirra.

Dhaloota duuba jiru barnoota qulqullina qabuun waliin gahuuf dirqamni kan barsiisaa qofa miti. Maatiin barataa, hawaasni mana barumsaa kanamalees hudhaa sirna barnootaa keenyarratti jiru furaa deemuun dirqama waan ta’eef hunduu ittigafatamummaa guddaa qaba jechuudha.

Hanga kun hintaanetti barnoota damee

barnootaaf qofa kenninee kan teenyu yoo ta’e dhaloota boru biyya kana bakka bu’u dhabuu waan dandeenyuuf misooma barnootaa eegalame cimsuun gamanumaa irratti hojjechuun barbaachisaadha.

Bariisaa: Barattoonni keessumaa BID fi sadarkaa 1ffaarra jiran rakkoo nyaataatiin ogaa barnootasaanii addaan kutan mul’atu. Hudhaa kana furuuf tajaajilli nyaata barattoota akka godina keessaniitti jiru maal fakkaata?

Aadde Ikraam: Dhugaa dubbachuuf beela’aa barachuun daran ulfaataadha. Kanarraa kan ka’e kanneen barnootasaanii addaan kutan hedduu turan. Sun amma seenaa ta’aa jira. Kanaafis sababni guddaan tajaajilli nyaata barattoota hojiirra ooluusaati.

Akka godina keenyaatti tajaajilichi hojiirra kan oole yoo ta’u, barattoonni barnootasaanii addaan kutaa turanis akka sirnaan baratan gargaareera; fuuldurattis cimee kan ittifufu ta’a.

Bariisaa: Gama misooma fayyaatiin hawaasa fayyabuleessa qabaachuuf sochiin jiru maal fakkaata?

Aadde Ikraam: Dhugaa dubbachuuf fayyaan bu’uura waan hundaati. Barachuuf, hojjetanii jijjiiramuuf biyya ofis jijjiiruuf hawaasa fayyabuleessa qabaachuun murteessaadha.

Gama kanaan kenniinsa tajaajila yaalaa si’ataa, qulqullina qabuufi baasii madaalawaan akka tajaajilamuuf ittifayyadamni inshuraansii fayyaa akka lafa qabatu taasifameera.

Haaluma kanaan godinni keenyaa ittifayyadama inshuraansii fayyaatiin sadarkaa 3ffaarra kan jiru yoo ta’u, yaalamaan tajaajila si’ataafi madaalawaan kenniinsa tajaajila wal’aansa fayyaa argataa jira. Du’aatiin haadholiifi daa’immaniis

KEESSUMMAA BARIISAA

hir'ataa jira. Kun injifannoo guddaadha.

Bariisaa: Hudhaan gama fayyaatiin walqabatu hoo akkamiin ibsama?

Aadde Ikraam: Dhugaa dubbachuuf miseensa inshuraansii fayyaa ta'uuf hawaasni keenya adda durummaan hirmaannaa guddaa taasiseera. Ittiquufisni jirus olaanaadha.

Haata'utii tajaajila wal'aansa fayyaa argachuuf wayita mana yaalaa deemanitti rakkoo dhiyeessii isaan mudatuun baasii hinmalleef saxilamaa jiru. Kunimmoo ergama inshuraansii fayyaa kan faallessu waan ta'eef irratti hojjetamuu qaban jedha.

Bariisaa: Tarsiimoo rakkoolee hundaaf harka mootummaa hinilaallu jedhuun akka Oromiyaatti tajaajilli Buusaa Gonofaa hojiirra oolee akka godina keessaniitti maalirra jira?

Aadde Ikraam: Akka godina keenyaatti gandoota hundatti tajaajilichi hojiirra ooleera jechuun nidanda'ama. Aadaan walgargaarsaa kun durii kaasee kan tureedha. Amammoo cimeera. Kutaaleen hawaasaa hundi miseensa. Busiwwan gara garaa buufachuun yeroo balaa tasaa, balaa uumamaafi rakkoo hawaasummaa waliin dhaabachuun walhumneessaa jira.

Rakkoo battalaa itti obsuuf hawaasa rakkateef gahuu akka dandeenyuuf nugargaareera. Tajaajilli kun yoomiyyuu caalaa cimuu qaba. Kanamalees mana manguddootaa dulloome haressuu, ashaaraa magariisaa dhaabuufi kkf irratti bu'aaleen abdi biyyaa ta'an galmaa'aniiru.

Bariisaa: Jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti waliin dhaabachuun akkuma jiru walitti bu'uun jira. Isa kanaaf walldhabdee mudatu maqsuuf kenniinsi tajaajila mana murtii aadaa akka godinichaatti jiru maal fakkaata laata?

Aadde Ikraam: Dhugaa dubbachuuf akka Harargee Lixaatti gandoota baadiyyaa maratti tajaajilli mana murtii aadaa hojiirra ooleera jechuun nidanda'ama.

Tajaajilichi namoota gumaan walbarbaadan; kan manni murtii idilee furuu dadhabe yeroo gabaabaa keessatti kan fure waan ta'eef fala addaafi hawaasa biratti fudhatumummaa guddaa qabudha jechuun nidanda'ama.

Bariisaa: Tajaajila mana murtii idileefi aadaa wanti adda isaan taasisu maali, kamtus filatama jettu?

Aadde Ikraam: Kan idilee deddeebii barbaada; yeroo, maallaqa, humna namaa, dinagdee qisaasessa. Kan aadaa garuu kanarraa bilisa.

Lafuma jiranitti jaarsolii biyyaatiin jechuunis karaa mana murtii aadaa kana kan walldhibe furmaata kan itti argatu yoo ta'u, murteen as keessatti darbu isa miidhes isa miidhames kan gammachiisuudha malee tokko kanitti injifatuu tokkumoo yakkamaa ta'ee itti injifatuu miti. Tajaajilichi walldhabdee barootaa kan hiiku, jibba caalaa jaalalaafi dhiifaama kan barsiisu mala filatamaadha.

Lamaanuu walyakkaniiru. Ilaafi ilaameedhaan akka walii dhiisan; araara buusan kan taasisu waan ta'eef fala filatamaa hawaasa birattillee barbaachisummaansaa olaanaa ta'ee ilaalamaa jiruudha.

Bariisaa: Rakkoo nageenyaa mudatu furuuf akkamiin hojjetaa jirtu?

Aadde Ikraam: Rakkoolee nageenyaa hawaasaaf yaadessoo ta'an battalumatti



to'achuuf ijaarsi gaachana sirnaa gargaarsa guddaa taasiseera.

Gaachanni sirnaa ummata keessaa namoota ga'umsa qaban filachuun nagaafi waardiyyaa kan dhaabatan jechuudha. Gachanni kun nageenyaaf kan hiriire yoo ta'u, alseerummaafi seermaleessummaa mudatu rakkoo nageenyaaf kan balaa ta'e to'achuuf kan bobba'eedha. Kun hudhaa akka godinichaatti numudataa ture fureera. Ammas ciminaan irratti hojjetamaa jira.

Bariisaa: Godinni Harargee Lixaa naannolee Affaar, Sumaaleefaa waliin waldaangessiti tarii ittifayyadaama qabeenya uumamaatiin walqabatee walitti bu'insi mudachuu mala. Kana furuuf fala akkamii fayyadamaa jirtu? Haalli qabatamaan jiru hoo maal fakkaata?

Aadde Ikraam: Dhugaadha; ittifayyadama qabeenya uumamaatiin walqabatee walitti bu'insi hawaasa Harargee Lixaafi Affaariifi Somaalee waliin inuma mudata. Haaluma kanaan nuyi abbootii Gadaatiin isaanimmoo ugaazotasaanii qabataniin walldhabdee mudatu ilaafi ilaameen furaa waliin hojjetanii misoomaa jiru.

Gama kanaan hariiroon abbootii gadaafi ugaazotaa yeroorraa yerootti cimuu qaban jedha. Sababnisaas gama lamaaniinuu akkuma namni gaariin jiru kan yaada faallaa qabus jira. Sunimmo walldhabdee mariin furamuu dandahu babal'isuun hanga dhiiga walldhangalaasisuutti geesisuu mala. Kanaafuu mariidhaan hawaasa naannolee ollaa waldaangessinu waliin taasifamu yeroorraa yerootti gaggeeffamaa jira, fuuldurattis cimee kan ittifufu ta'a.

Bariisaa: Oggaa hanni ykn yakki daangaa darbee mudatu akkamiin furtu?

Aadde Ikraam: Hattuu daangaa darbitu inuma jirti. Kanas ugaazonniifi abbootiin Gadaa qaamoni dhimmisaa ilaallatu naannolee waldaangessan aanaalee dabalatee walitti dhufuun seera tumataniin adabaa jiru. Gabaabaatti hatuufi yakkamaaf ilaalchi dhiifamaa gama ollaa waldaangessaniin mudatu salphaatti kan ilaalamu miti.

Bariisaa: Daangaa bulchiinsaatiin walqabatee gandoota Affaariifi Somaalee waliin ammallee rakkoon jira jedhamaatii isin kana hammam quba qabdu?

Aadde Ikraam: Dhugaa dubbachuuf dhimmi daangaa wajjin walqabatee ka'u kun dhimma xiyyeeffannoo barbaadudha, sababnisaas kaartaan naannolee bakka

jirutti daangaa darbanii babal'ifannaan lafaa ammallee hammaataadha.

Lafti Godina Harargee Lixaa yeroo ammaatti bakki weerarame jira. Sunuu daangaa bulchiinsaa darbanii alaabaa dhaabbachuun keessa jiraachaa jiru. Gochi akkasii kanaan dura hawaasa dhiiga dhangalaassiseera, ammas gara hinmalletti akka hindeemneef karaa abbootii Gadaafi ugaazotaaifi qaamolee dhimmi ilaallatuun furuun dirqama.

Walldhabdeen daangaa bulchiinsaa kun akka feeteen kan bira darbamuu taanaan hawaasa keenya gatii hinmalle kaffalchiisuu danda'a. Kanaafuu hawaasni keenya haqa barbaada, haqasaammoo tolu ilaafi ilaameen didummoo seeraan bakkatti deebisuun barbaachisaadha.

Akka fakkeenyaatti lafti babal'ifannaan qabamaa jiru kanneen akka lafa Gumbii Bordoddee, Hardiim irra qubachuun alaabaa dhaabbataniiru. Kun alseerummaadha. Daangaa bulchiinsaa darbanii alaabaa dhabbatanii kiyya jechuun seeraan furmaata argachuu mala. Bakka kaartaan jirutti daangaa darbuun seera faallessuu waan ta'eef gamanumaa qaama dhimmi ilaallatuun furmaanni nikennama jennee abdanna.

Bariisaa: Harargeen Lixaa gama bu'uuraalee misoomaatiin maal fakkaata?

Aadde Ikraam: Misoomawwan bu'uura kanneen akka daandii, bishaan dhugaatiifi tajaajilli ibsaa akka godinichaatti jiran kan nama qaanfachiisaniidha.

Keessumaa hawaasni tajaajila bishaan dhugaatiin rakkoo hamaa keessa jira. Kan amma hojiirra jiru kan waggoota dheeraa lakkoofsise, sibiillisaallee kan dammeessa'eefi suphaaf rakkoo ta'eedha.

Hawaasni omishaalee akka jimaa, Loon, kuduraafi muduraa, dammaafi aannan gabaaf dhiyeessu bishaan dheechochuun qaanii waan ta'eef gama kanaan irratti hojjetamuu qaba. Tajaajilli ibsaafi daandiis daran saalfachiisaadha. Guddugala dinagdee biyyaa taanee hudhaa kanaan rakkachuun keenya yaadessaa waan ta'eef ittiyaadamuu qaban jedha.

Bariisaa: Babal'inni indastirii paarkii guddina biyyaaf murteessaa ta'e akka godinichaatti maal fakkaata?

Aadde Ikraam: Paarkiin indastirii hinjiru. Lafa gahaa qabna. Qaama dhufee misoomsu, ofii fayyadamee godina keenya fayyadu hinqabnu. Gama kanaan mootummaan nuyaadachuu qaban jedha. Misoomuun paarkii indastirii tajaajila hawaasaa olaanaa waan kennuuf hojldhabdummaa hir'isuuf itti yaadamuu qaba. Indastirii hinjiru. Albuunni jiraatus meeshaan albuuda ittiin baasan jechuunis maashinariwwan hinjiran. Kun dhimma furmaata waaraa barbaadudha.

Bariisaa: Rakkoo hojldhabdummaa dargaggoota qoraa jiru kana furuuf tooftaa akkamii fayyadamaa jirtu, duubdeebii jiru hoo akkamiin ibsitu?

Aadde Ikraam: Rakkoo hojldhabdummaa dargaggoota keenyaa furuuf qabeenya uumamaa maal qabna? Yoo maal hojjenne isaan jijjiiruu dandeenya isa jedhu ilaallee hojiilee akka lukkuu horsiisuu, loon furdusuu, dammaafi misooma albuudaarratti akka bobba'an gochaa jira.

Jijjiiramoonni jiran jajjabeessoodha. Kanamalees dargaggoonni keenya araada hinmalleef akka hinsaaxilanneef ijaarsa

dandeettii kenna jirra. Irrajireessaan akka hojiitti galaniif haala miyeessineerra. Haroon Carcar omisha qurxummiitiin kan badhaadheedha. Kanarrattis gurmaa'ani akka dinagdeesaanii cimsan gooneerra ammas ittuma jirra.

Bariisaa: Godinichi gama wiirtuulee hawwata turistiitiin maal fakkaata?

Aadde Ikraam: Kanneen akka Holqaa, Bosona Dindin, Bineensota Bosonaa, bataskaanota umrii dheeraa qaban gara garaatu argama. Kunniin akka tajaajilarra oolaniifi madda galii gochuuf tattaafataa jirra.

Bariisaa: Godinni Harargee Bahaa keessumaa naannawa gammoojjitti misoomni mimmixaa sharafa argamsiisu jira jedhamaatii isin maal jettu?

Aadde Ikraam: Dhugaa dubbachuuf mimmixni naannawa gammoojjii Harargee Lixaatti omishamu daran hedduu yoo ta'u, hanga Jibuutiitti ergamuun sharafa alaa argamsiisaa jira. Kanarraa kan ka'e dargaggoonni hedduun bakkicha jiran omisha kanaan fayyadamoo ta'aa jiru. Fuuldurattis bal'inaan misoomsuun sharafa alaa argamsiisuuf ciminaan hojjenna.

Bariisaa: Godinni Harargee Lixaa giddugala daldalaati. Kanamalees daldala seeraan alaafi kontirobaandiinis rakkoo keessa jirti jedhama. Kana akkamiin hordofaa jirtu mee?

Aadde Ikraam: Godinni keenya daldala seeraan alaa jimaafi kontirobaandii alaa galuun rakkoo hamaa keessa turteetti. Hudhaa kana furuuf sochiin godina keenyaa qofti gahaa waan hintaaneeff naannolee nudaangeessan godinaalee Oromiyaa dabalatee hordoffiifi mari'achaa jirra.

Dhimmi kontirobaandii hudhaa godina keenya qoraa jiru keessaa isa tokko yoo ta'u, caasaalee nageenyaa sadarkaa sadarkaan jiran bobbaasuun hordofaafi to'achaa seeratti dhiyeessaa seermaleessummaan gibiraafi taaksiirra qaqqabaa jiru akka dhaabatu hojjetaa jirra. Ta'us gahaa miti. Ammallee akka cimnee hojjechuu qabnu kan nugaafatuudha.

Bariisaa: Godina keessan gama ashaaraa magariisaafi misooma sululaatiin akkamiin ibsitu?

Aadde Ikraam: Sochii tajaajila lammummaan ashaaraan magariisaa babal'ate gaarotaafi lageen godinichaa biqlituu qilleensa naannawaa miidhagsan gofa osoo hintaane kan jijjisaa nyaatamullee dhaabuun dirree qullaa ture magariisatti uwwisnee Harargee Lixaa jijjiiraa jirra.

Gama misooma sululaatiin hojiin hojjetame akkuma biyyaattuu fakkeenyummaan kan ka'u yoo ta'u, shurrubbaa dubartii miidhagee dhahame fakkaata. Omishni achirratti biqilul callaansaa dachaan akka dabaluu taasisaa jira. Sochichi jajjaabeessaa omishaafi oomishtummaan akka dabaluu fi imalli badhaadhinaa eegalame akka milkaa'u bu'uura kan buusu waan ta'eef kan jajjabeeffamuudha.

Bariisaa: Aarsaa yeroo keessaniif galatoomaa jenna.

Aadde Ikraam: Isinillee sochii misoomaa godina keenyaafi hudhaalee xiyyeeffannoo barbaadanirratti iyyaafannoo nuu gootaniif galatoomaa.

Ilaamee...

Maammaa Tsahaay Tolasaa: Akka kitaabni

“IBIDDA BOBA’U KEESSA” dubbisiisetti

Charinnat Hundeessaatiin

“Oggaa seenaa namoota dhuufnaarratti xiyyeeffatan dubbisnu bu’aa ba’ii jireenyaa keessa darbaniifi injifannoowwan milkeessan seenessuun waanuma barame ta’us kitaabni waa’ee imala Aadde Tsahaay seenessuufi “IBIDDA BOBA’UKEESSA” qorumsa hindhaabanne, amantaa qorumsaan hinmo’atamne, hanga cimina qabsoofi gootummaa amantaa qorumsaan hinmo’atamnee kan nutti agarsiisu ta’ee argeera.

Ijoollummaatti qoramuu, bultiidhaan qoramuu, sirnaan qoramuu, haadha cimtuu tokko tokkoon jireenyasaanii lafa kanaa hundi qorumsa keessa darbe ta’anis jabinniifi amantaan injifannoo isaan gonfachiiseera. Namni kitaaba kana dubbisu baay’ee fayyadama” jedhan Ministirri Muummee Abiyyi Ahmad (PhD) ergaa baatii Sadaasaa darbe matadureensaa eerama kana ilaalchisuun karaa miidiyaa hawaasaasaanii dabarsaniin.

Maammaan abbaa warraa, michuufi miiltoo Wangeelaashee isa ta’e abbaa koo Guddinaa Tumsaa dhabde, ijoollee deessee guddiste yeroo dheeraaf irraa adda baatee, qabeenyaafi araddaa qabdu hunda sarbamte, akkasumas sakattaatota Dargiitiin gidiraafi rikutta qamaa jechootaan ibsuun ulfaatu yoo irra gahuyyuu Wangeela Kiristoos lallabuu hindhiisne.


Dhiigashii dhangalaasaa Waaqayyoshii faarfatti turte. Jabina amantiishee ilaalanii baay’oliin gara gooftaa dhufaniiru. Tajaajila hafuura cinatti ogummaa fayyaa qabduun yeroo adda addaatti dubartoota ulfaa 50 ol ta’an deessisuufi daa’immansaani kunuunsuu, dhukkubsattoota sammuu baay’ees dhukkubsachiisuuf akka gara qalbiisaaniitti deebi’aniif gargaaraa turte.

Maarree maaliif waa’ee miidhamuushee qofa dubbannaree? Ibbida sodaachisaa keessatti ayyaana jabinaatiin ishee adeemsise raajeffachaa akkuma maqaashee baay’oliif akka ibsiti Waaqayyo galateeffanna.

- (Leensaa Guddinaa, mucaa ishee dhumaa Luba Guddinaa Tumsaafi Aadde Tsahaay Tolasaa)

Aadde Tsahaay Tolasaa reebicha irradeddeebiin irra ga’een qaamnisaanii hamma qaamnisaanii baachuu danda’uu olitti dhiphataniiru. Gara kutaa ibidda boba’uu isa itti nama dhiphisaniitti darbatamaniiru. Akkuma Ergamaan Phaawuloos, “Guyyuma guyyaatti sodaa du’aa jalan jira” jedhe guddinni hafuura kan argamu jireenya baqachuun otoo hinta’in rakkinaafi gidiraaf of dhiyeessuudhaan yeroo hunda du’a waliin jiraachuu akka ta’e bara keenya qaama uffatee kan ittiin mul’ate keessaa Aadde Tsahaay isaan tokko.

Erga dhugaan kun keessasaanii seenee booda ayyaanaasatti jabaatan. Amantiisaaniitiis duuba hindeebine. Amanti jabaa, abdi



jabaafi jaalala jabaa qabu turan. Aangoo dukkanaatiin biyyoo uffatee awwaalamee akka baduuf kan yaadame keessasaanii kan ture sanyiin kiristaanummaa akka yaadan sana badee hinhafne. Hiddasaa gadifageeffatee dukkanicha gargar saaqee, firii kitila/dhuma hinqabne akka ta’uuf tarsiisee ol ba’e. Akkuma baay’oliin dhugaa ba’an kiristaanni akkamitti akka jiraatu beekuuf, akkamitti akka du’u barachuutu irra jira. Kanaaf ammoo kitaabni kun qajeelfama gaariidha.

Nabiyuu Takkaallinyi (Ogeessa Aartii)

‘Harmeen keenya Maammaa Tsahaay Tolasaa waggoota 50 oliif xoofoo hadhaa’aa dhandhamaa turte kan seenessu kitaaba, “Ibbida Boba’u” jedhamee moggaafame yeroo dubbisne, hammeenyaafi dukkana, hadhaafi gadadoo malee yeroo dheeraaf waan biraa keessatti arguu hindandeenye. Keessumaa nu, maatiishiitiif ulfaatinni maatiishee walxaxaa akka salphaatti hiika hinarganne ture. Umrii daa’umummaarraa kaasee walakkaa jaarraa oliif jireenya yandoon gidiraa irratti walgeeddare hiika maaliif qabaachuu danda’a?

Ta’us kun ilaalcha namaati, ilaalchi Waaqaa immoo attami laata? Seenaa hadhaa’aan qulqullootaa Waaqayyoo immoo waltajjiisaati; karooraafi caasaa inni adeemsa jireenya qulqullootaarratti baafatee hojjetuudha.

Maammaan erga mana hidhaatii baatee booda namichi ishee wajjin yeroo sana mana hidhaa keessa ture akka himetti, “Madaa’uufi caba sana booda yeroo Mana Hidhaa Guddichatti ishee deebisanii manicha dukkanaa sana keessatti furguggisanii darbatan, bakka ittadarbatamtee harkifatee, foqoqxee, keenyan qaqqabatee kaatee dhaabatee dhiiga coccobsa faarfannaa galataa faarfate. Kun hidhamtoota ishee wajjin turan hunda ajaa’ibsiise”, namichis ergasii deebi’ee hingaddine jedhee ragaa ba’e.

Amantii hinraafanne, hamilee takkaa hincabne; kan ishee seenaan adda ture. Amantiin ishee kan warra Ibroota 11 keessatti galmaa’anii fakkaata. Kanneen

hunda keessatti gaaf tokko dogoggoraan Waaqayyorratti hingumgumne. Dukkana keessatti deddeebisanii gombisanii tumanis Yesuus takkaa ittihir’isuu, maqaasaa walittifufiinsa waamuurraa ishee deebisuu hindandeenye.

Maarree, nuyi gidiraa isheen keessa darbite seenessuufi jabina ibiddaa ishee hadooche qofa bullee kaanee odeessuudhaan seenaashee seenaa isa gadadoo qofaan maaliif uwwisnaree? Ibbida sana keessaa utuu hingubatiin mo’ichaan keessa adeemsisee kan ishee baase Waaqayyo jabaadha.

Karchallee, mana hidhaa guddicha iddoo hidhamtoonni kuma torbaa ol keessa turan yeroo dhaqxu dubartoota dhibbaan lakkaa’aman wajjin kutaa tokko keessatti hidhamuun balbala tajaajilaa saaqeef.

Intala lafichaa

Intalli kun Tsahaay Tolasaa, Aadde “Biiftuu”, intala Tolasaa Boruu haadha warraa Guddinaa Tumsaati. Har’a Tsahaayiin walarguu jechuun giiftii simboo addaa qabdu wajjin walarguu jechuudha. Dheertuu, nama qaama qajeeltuufi nama hawwattuudha.

Waggoota 10f haala suukanneessaadhaan mana hidhaatti dararamuushee boodaltee sanuma. Waa’ee wanta keessa dabartee yeroo gaafatamtu, Waaqayyo Waaqa jiraataa kan kakuusaa eegu ta’uusaafi yeroo rakkina hundumaatti akka inni ishee wajjin jiru gammachuudhaan dubbatti.

Tsahaay akka bulchiinsa yeroo sanaatti kutaa biyyaa Wallaggaa, Magaalaa Naqamteetti bara 1930 keessa dhalatte. Mannisaanii mana citaa naannawa gabaatti argamu ta’ee namoota dhufaniifi deemanin kan guute ture. Maatiishee kan sadarkaa gaariirra turan sun hojjetoota hedduu mindeessanii hojjechiisu turan.

Hundisaanii mana citaa guddaa, kan guyyaa guyyaa ho’a aduu, halkan halkan ammoo qorra isaanirraa ittisu keessa waliin jiraatu turan. Galgala akkuma aduun dhiiteen irbaanni maatii hundaaf ta’u niqophaa’a. Yeroo kana hunduu mana citaa sanatti walittiqabamee abidda qaammatu arguun nama gammachiisa. Isa booda waliin ta’anii mudannoo guyyaa sanaa guddaafi xiqqaa walharkaa fuudhani haasa’u.

Amalli kun miira hariiroo maatii gidduu jiru haala gaariidhaan kan jajjabeessu ture. Hoggantoonniifi hojjechiiftonnisaanii maatii guddaa kana waliin jiraatu, waliinis hojjetu turan.

Tsahaayyiif obbolutasheetiif yeroon gara fuulduraa kan guute fakkaata ture. Walumaagalatti ijoollee shan turan, dhiirota sadiifi durboota lama. Tsahaayi obboleettiishiifi dhiirota lamatti aantee shanaffaa turte. Ilmi dhiiraa hangafi garuu duraan du’e. Sun waanuma maatii hedduu keessatti ta’uudha. Eenyuyyuu sana nibeeka. Sanarraa kan ka’e namoonni mucaa argatan kamittuu nigammadu turan. Erga Tsahaay dhalatte booda ilmi tokko

ilmaan dhiiraa sadii turanitti dabalame. Wanti ta’u akkuma ta’uu qabutti ta’e.

Duumessi dukkanaa’aan inni jalqabaa Tsahaayiin marsuu jalqabe irra buufate. Waraanni xaaliyaanii waliin bara 1935 eegalame. Utuu hinturiin bara 1936 waraanni Xaaliyaanii Naqamtee to’ate. Mootummaan Xaaliyaanii biyya Afrikaa keessa jirtuufi humna waraanaa dadhabaa qabdu kana qabatee albuudota isheen qabdu saamuuf ka’e. Sun garuu salphaa hinturre. Gootota biraa falmii cimaatu isa mudate. Saboonni Itoophiyaa waggoota waraanaa sana dararama guddaa keessa seenanillee birmadummaasaaniitiif wal’aansoo cimaa taasisaniiru.

Walakkaa Magaalaa Finfinneetti siidaan yaadannoo namoonni walirra yaabbatanii jiran irraa mul’atan dhaabameera. Sun jireenya kan mul’isu miti. Yeroo dhiphinaa sana ga’eesotaafi ijoollee warra Xaaliyaaniidhaan utuu lubbuudhaan jiranii gubamaniif yaadannoo ta’ee dhaabate. Siidichi miidhaa warri Xaaliyaanii geessisan haalaan dubbata.

Yeroo sana konkolaataan kutaa biyyaa Wallaggaa waan hinjirreef xaaliyaanonni waan ittiin imalan barbaadu turan. Meeshaaleen gara sana geeffamaa turan buufata tokkorraa gara biraatti geeffamuu qabu turan. Kanaaf Xaaliyaanonni geejibaaf waanuma naannawa sanatti argatan fayyadamuutti ka’an. Daldalaan gaangolii qabu tokko, abbaan Tsahaay namoota kaan waliin humnoota biyyattii qabataniin turan sanaaf akka hojjetan dirqisiifaman. Wanti isaan bakkaa bakkatti geessan sun garuu waan salphaa hinturre.

Tsahaay akkanatti ibsiti: “Guyyaa tokko namoota abbaa koo waliin hojjetan keessaa tokko fiigichaan gara mana keenyaa dhufe gaangolii keessaa tokko karaarraa miliqee kallattiidhaan gara mana keenyaatti ariitiidhaan deema ture. Gaangichi wanta nyaatamu barbaada ture. Yeroo fiigu kana akka tasaa gaangichi ykn ba’aansaa kufuu danda’a. Kun taanaan ammoo balaa guddaatu ta’a. sababiinsaas ba’aan gaangichi baate dhuka’aa (boombii) waan tureef.

Walumaagalatti Gaazexaan Bariisaa seenaa dhugaa Aadde Tsahaay Tolasaa Onkoloolessa 13 bara 2014 boqotanii kitaaba mataduree, “IBIDDA BOBA’U KEESSA” jedhamuun maxxanfamerra argate yeroo Guyyaan Dubartoota Addunyaa (‘March-8’) kabajamu kanatti gabaabinaan dhiyeesseera. Isa hafe dubbistoonni kitaabichumarraa akka dubbisan affeerra.

Kitaabni kutattummaa agarsiisuufi bu’aa ba’ii waggoota dheeraaf keessa darban dubbisiisu kun jalqaba Afaan Noorweeyiin bara 1992 maxxanfame. Bara 1993 ammoo gara Afaan Jarmanitti hiikame. Kitaabni bara 2023 gara Afaan Oromooti hiikamee haala dubbisaaf toluun matadureewwan adda addaatti qoodamee dhiyaate kun fuulawwan 227 qaba. Kitaabichi gara Amaariffaafi Ingiliffaattis hiikameera.

Ilaamee...

'March 8' sadarkaa dubartoonni har'a irra gahaniif bu'uura

Natsaannat Taaddasaatiin

Guyyaan Dubartoota Addunyaa sadarkaa dubartoonni har'a irra gahaniif bu'uura. Guyyaan kun barana sadarkaa addunyaatti yeroo 113ffaaf Itoophiyaatti ammoo yeroo 48ffaaf mataduree, "Dubartoota haa ga'oomsinu, misoomaafi nageenya haamirkanessinu' jedhuun kabajameera.

Guyyaan Dubartoota Addunyaa kun kaleessa sadarkaa biyyaattis ta'e naannootti sagantaalee gara garaatiin kabajamee kan oole yoo ta'u, jalbulitiin guyyichaas sagantaalee gara garaatiin dhaabbilee, biiroowwaniifi sektaroota gara garaatiin kabajamaa tureera.

Humni Qilleensaa Itoophiyaas jala bultii Ayyaana Dubartoota Addunyaa Magaalaa Bishooftuutti kabajeera. Qorattuufi barsiistuu Yunivarsiitii Naannoo Oromiyaa Itaarraawu Wubisheet, sirna kabaja guyyichaarratti barreeffama ka'umsa marii mataduree 'Qabsoo dubartootaa nagaafi haqaaf' jedhuun mooraa Humna Qilleensaa Itoophiyaatti Kibxata darbe dhiyeessanirratti mariin adeemsifameera.

Dubartoonni sadarkaa har'a irra ga'an irra ga'uuf wareegama kaffalan ilaalcha keessa galchuun bu'aa argameef beekamtii kennuun, dubartoota biratti hubannoo uumuun adeemsa ijaarsa waraanaa keessatti ergama fooyya'aa ta'eef qopheessuun, dubartoonni dhaabbatichaa dandeettii gama hundaan qaban guddisuun milkaa'ina jijjiirama keessatti gaheesani akka ba'ataniif kaka'umsa uumuun kaayyoowwan guddoo kabaja ayyaanichaa ta'uu Aadde Itaarraawu himaniiru.

Dubartoonni addunyaa, ardiifi biyya keenyaa rakkoolee dinagdee, siyaasaafi hawaasummaa hedduu irraa kan ka'e baroota dheeraaf rakkachaa akka turan ni beekama. Guyyichi mirgaafi qixa fayyadamummaa dubartootaa Heera, keeyyata 35 irratti tumame mirkaneessuuf keessumaa jijjiirama biyyaaleessaa Bitootessa bara 2010 as dhufe hordofuun hojii gaarii raawwatameef beekamtii kennuun kan kabajame ta'uus eeraniiru.

Hojii mootummaan dubartoota gara aangootti fiduuf raawwateen bu'aalee argamaniifi hanqinaalee mul'atan guutuuf waliin hojjechuun jijjiiramicha itifufsiisuuf kutannoon waliin hojjechuun barbaachisaadha. Jijjiirama biyyaa duubatti deebisuuf jecha, diinonni keenya alaa ergamtoota kiraa sassaabdota biyya keessaa waliin ta'uun biyya keenyaa jeequmsa keessa galchuun imala guddina biyyattii gufachiisuuf irra deddeebiin yaalii taasisanis abjuunsani qabsoo cimaa raayyaan keenya taasisaniin karaatti hafeera. Dubartoonni waraana biyyi keenya mudateefi duula waraanicha duubatti deebisuuf taasisame keessattis gumaacha olaanaa taasisaniiru.

Maalummaafi ka'umsa Guyyaa Dubartoota Addunyaa

ALA bara 1800-1900tti Industiriiwwan babal'achuun walqabatee sa'aatii dheeraa hojjechiisuufi mindaa gadaanaa kaffalu, haalliif iddoon hojii mijataa ta'uu dhabuun walqabatee miidhaa dubartootarra gahaa ture. Mormiin kun bara 1908 cimee itifufuudhaan dubartoonni kuma 15 daandii Niiwu Yoorkirratti



hiriira ba'uun sa'aatiin hojii akka hir'atu, hojii walqixaa kaffaltii fooyya'aa ykn walqixi akka kaffalamuufi mirga filachuufi filatamuusaanii akka kabajamu sagalee dhageessisan. Waggaa tokko booda Guraandhala 28 bara 1909 Paartiin Sooshaalistii Ameerikaa Guyyaa Dubartoota Biyyaaleessaa isa jalqabaa labse.

Lammii Jarmanii kan taate, Falmituun Mirga Namaa dubartiin Kilaaraa Zitkin jedhamtu Guyyaan Dubartoota Biyyaaleessaa paartichaan labsame kan idiladdunyaa akka ta'uuf konfiraansii dubartoota idiladdunyaa hojjetoota dubartootaa jalqabaa bara 1910tti Magaalaa Kopenhagenitti adeemsifamerratti yaada dhiyeessite. Yaadni isheen dhiyeessites dubartoota 100 biyyoota 17 irraa dhufuun konfiraansicharratti hirmaataniin guutummaatti fudhatamummaa argatee waggaa waggaa biyyoota hundatti yeroo walfakkaatu akka kabajamu ta'e.

Guyyaan Dubartootaa (March 8) yeroo jalqabaatiif bara ALA 1911 Ositiriya, Denmaarki, Jarmaniifi Siwiizarlaanditti kabajame. Ayyaanichi sadarkaa addunyaatti ifatti kabajamu kan jalqabe bara 1975 wayita Mootummoonni Gamtooman guyyicha kabajanitti ture. Guyyaan Dubartoota Addunyaa yeroo jalqabaaf mata duree "Isa boodaa kabaju, isa fuulduraa karoofachuu" jedhuun kan kabajame ta'uu eeru Barsiistuu Itaarraawu.

Dubartoonni sochii mirgaafi walqixummaa-saani kabachiisuuf akkasumas hirmaannaa siyaasa, hawaasummaafi dinagdee keessatti qaban guddisuufi fayyadamummaasaani mirkaneessuuf taasisaniin sadarkaa addunyaatti, ardiifi biyyaatti dhiibbaa uumu danda'aniiru.

Dubartoonni biyya keenyaas akkuma dubartoota biyyoota addunyaa biroo cunqursaafi sarbama mirga namoomaa durii kaasee dhiirotaan irra gahaa ture cabsuun wal harkaa fuudhuun seenaa hojjetaniiru.

Walabummaa biyyattii tiksuf jecha, yeroo waraana Adwaatti gootota biyya keenya biroo waliin ta'uun diina akka injifannuuf Iteegge Xaayituu dabalatee dubartoonni biroon gumaacha olaanaa taasisaniiru.

Jijjiirama biyyaaleessaa hordofuun, pirezidaantii

biyyattii Saahilawarqi Zawudee dabalatee dubartoonni hedduun gara hoggansa olaanaa mootummaatti akka dhufan ta'eera.

Atileetonni keenya dubartootaa gama atileetiksitiin Faaxumaa Roobaafi Daraartuu Tulluu, Tikkii Galaanaafi Xurunash Dibaabaa, Masarat Daffaariifi Almaaz Ayyaanaa, Ganzabee Dibaabaafi Lattasanbat Giday'faan alaaba Itoophiyaa dirree addunyaarratti ol kaasuun walharkaa fuudhuun seenaa biyyattii boonsu hojjetaniiru, hojjetaa jirus.

Jabina dubartoota biyya keenyaa, qabsoo jaalala biyyaarraa kaasee hanga qabsoo hidhannootti ture

Gurmaa'insi dubartootaa Ministeera Raayyaa Ittisa Biyyaa Federaalaa keessatti waggoota dheeraaf kan lakkoofsise yoo ta'u, waggoota darban keessas hojiilee gara garaa raawwachaa turaniiru. Dubartoonni ogummaa waraanaafi sadarkaa hoggansa adda addaarratti ramadamanii hojjechuun ashaaraa isaanii dhiisaa turaniiru. Dubartoonni Raayyaa Ittisaa ta'an ergama biyyaaleessaa irraa kaasee hanga nagaa eegsisuu idil-addunyaa eegsisuutti hirmaannaa taasisuun dandeettiisaanii mirkaneessaniiru jedhu.

Jijjiirama biyyaaleessaa booda altokkotti sadarkaan muudamaa qondaaltota Jeneraalaa dubartoota shaniif kennamuufi carraan barnootaa kennamuufin walqabatee hirmaannaafi fayyadamummaa dubartootaa mirkaneessuuf jalqabbiin jiru gaarii ta'uus eeraniiru.

Dubartoonni Raayyaa Ittisaa keessa jiran dameelee ogummaa waraanaa hundaan leenji'anii dirqamawwan adda addaarratti gahumsaan hirmaachuudhaan bu'aa galmeessisaa jiru. Lottoonni dubartootaa duula olaantummaa seera mirkaneessuu keessattis hirmaatani lolanii lolchiisani injifannoo galmeessisuun gahumsa isaanii mirkaneessaniiru.

Dubartoonni Humna Qilleensaa keessa jiran sadarkaa hoggansa olaanaa irraa kaasee hanga hojii teknika akkasumas hojii bulchiinsaa, duula, faayinaansii, wal'aansaafi ogummaawwan kenna deggersaa addarratti hirmaachuun ogummaawwan gara garaa horataniiru.



Barsiistuu Itaarraawu Wubisheet

Xiyyeeffannaa addaa dhaabbatichi dubartootaaf kenneen barana dubartiin tokko Guyyaa Humna Qilleensaa barana kabajamerratti balaliisummaan leenjitee kan eebbifamte yoo ta'u, balaliistonni dubartootaa biroo lama ammoo leenji'aa jiru.

Fuulduratti dubartootarraa maaltu eegama?

Dubartoonni fuulduratti barnootaafi leenjiin of cimsuun dandeettiisaanii gabbifachuu qabu. Dubartoonni ciminootaafi hanqinootaasani adda baafachuun hanqinootaasani guutuufi ciminootaasani itifufsiisu, manii yeroo gabaabaafi dheeraa kaawwachuudhaan mul'atasaanii dhugoomsuufi kenna qaban beekani gabbifachuun fayyadamummaasaanii mirkaneessuurratti xiyyeeffatani hojjechuu akka qaban yaadachiisaniiru.

Dubartoonni ilaalcha gadaantummaa keessaa bahani miira ofitti amanamummaa horachuu qabu. Dubartoonni hojii irratti hirmaatan hundarratti fakkeenya gaarii ta'ani argamuu, manii qabame milkeessuuf carraaqaa, abdi kutachuu dhiisani abbaa mul'ataa ta'uufi mal'atasaanii dhugoomsuuf cimani hojjechuu akka qaban yaadachiisaniiru.

Ajajaa Olaanaan Humna Qilleensaa Letenaal Jeneraal Yilmaa Mardaasaa, haasaa saganticharratti taasisaniin, milkaa'inni karoora ijaarsa dhaabbataa kan mirkanaa'u hirmaannaa murteessaa dubartoota miseensota raayyaa ittisaan ta'uu ibsaniiru.

Gootitii Adwaa Iteegge Xaayituu, dubarti balaalistuu xiyyaaraa Muluu Immabeetiifi qabsoon seenaa qabeessi gootota dubartoota biroon raawwatame kabaja Itoophiyaa kan olkaase ta'uus yaadachiisaniiru.

Milkaa'inni karoora ijaarsa dhaabbataa kan mirkanaa'u hirmaannaa murteessaa dubartoota ciccimoon ta'uus kaasani, Jijjiirama booda Humni Qilleensaa dubartoota ga'oomsuufi dameewwan hundaan fayyadamtoota taasisuuf hojiilee bal'aan eegalaman cimani kan itifufan ta'uu dubbataniiru.

Ministeera Raayyaa Ittisaatti Dameen Dhimmoota Istaafota Addaa Mejer Jeneraal Xuriyyee Asaffee gamasaaniin, jijjiiramaan as dubartoota gara hoggansaatti fiduufi bakka ramadamanitti bu'aaqabeessa akka ta'aniif deeggarsi taasisame jajjabeessaa ta'uu himan.

Dhaabbatichi dameewwan ogummaa garagaraatiin dubartoota tajaajilaa jiran miira dorgomtummaa yerochi gaafatuun qophaa'ummaasaanii mirkaneessuun akka barbaachisus eeraniiru.

Waltajjicharratti miseensota dubartoota Raayyaa Ittisaa raawwiisaaniin bu'aaqabeeyyii ta'aniif waraqaan ragaa kennamuu ragaan Raayyaa Ittisaa Biyyaarraa argame nimul'isa.

AADAIFI AARTII

Aadaa Oromoo Gujii keessatti dubartiin woyyuu

Taammiruu Raggaasaatiin

Sirni Gadaa Jarmiyaalee hawaasaa umriidhaan, korniyaan sadarkaa barnootaafi ulaagaa birootiin hinqoodu. Garuu Jarmiyaalee kunneeniif gaheefi ittigaafatammaawwan garagaraa kenna. Ulfina dubartiif kennamurraa dubartiin dura laga hince'an. Duudhaa sirna Gadaatiin dubartootnis ta'e dhiirotni waan eeyyamames ta'e dhorkaman qabu. Daa'immanis akkasuma.

Akka Aadaa Gujiitti, dubartiin guyyaa heerumtee jalqabdee miseensa maatiisheefi iddoo itti heerumte hawaasa keessatti seera mataashee qabdi.

Akka odeeffannoo maxxansa 4ffaa Qorii Sona Aadaa kan Waajjira Aadaafi Turizimii Godina Gujiitti, mirga qabeenya horachuu ilaalchisee Gadaan Gujii dubartootni qabeenya akka horatanif kan jajjabeessuudha. Haati warraa akkuma miseensa maatii kamuu qabeenya dhuunfaashii kan eeyyamashii malee namni biraa itti hinfayyadamneefi nama biraatiif dabarsitee kennuu hindandeenye qabdi.

Qabeenyi kun handhuura gaafa dhalatte kenneefirraa kaasee hanga lubbuun jirtutti kan horatteefi fuula duraafillee horattu hunda dabalata.

Siiqqoon ta haadha manaati

Siiqqeen ka haadha manaati

Sa'i ficee ka haadha manaati

Manni ka haadha manaati

Gulantaan ka haadha manaati

Boolli qayyaa ta haadha manaati

Bonkoon ta haadha manaati

Handhuraan dhoqqee ka haadha manaati

Butteen ta haadha manaati

Manoon ta haadha manaati

Daduun ta haadha manaati

Woyaan Ladduu ta haadha manaati

Itteen ta haadha manaati

Midhoon ta haadha manaati

Finqilaan ka haadha manaati

Sageettuun ta haadha manaati

Mutaan ka haadha manaati

Bittoon ta haadha manaati

Okoleen ka haadha manaati

Gaadiin ka haadha manaati

Samaxeen ta haadha manaati

Illachi ka haadha manaati

Kadheen ta haadha manaati

Geejjibi ka haadha manaati

Teephi ka haadha manaati

Eeleen ta haadha manaati

Distiin ta haadha manaati

Okkoteen ta haadha manaati

Meemmeen ta haadha manaati

Gimbeen ta haadha manaati

Alleen ta haadha manaati

Qoriin ta haadha manaati

Mooqaan ka haadha manaati

Qabeenyawwan haadha warraa kana akkuma

qabeenya abbaa warraa eeyyamashettiin ala namni biraa ittifayyadamuu hindanda'u. Seerri qabeenyawwanii kun yommuu hiikaman Siiqqoon ta haadha warraatti yoo jedhamu, Siiqqoon ulee dubartiiti.

Uleen kun seeraafi aadaa mataasaa qaba. Siiqqoo kan qabatu dubartiin heerumte qofa. Dubartiin gaafa Siiqqoo qabatee deemtu heerumaaf deemti ykn heerumtee jirti. Keessummaaf deemti, sokkaaf deemti, jilawwan adda addaatiif deemti hiikni jedhu waan itti kennamuuf kabaja qabdi.

Siiqqoon ulee dubartiin yoo ta'u, Siiqqeen immoo horii dubartiin Siiqqoon dhahattee fudhattu jechuudha. Kanaaf Siiqqeen maqaa raada dubartiin gaafa heerumte barri Siiqqoon dhahattee fudhattuudha. Horii kana kan kennuuf Abbaa Mucaa ishee fuudhee yoo ta'u, dubartiin heerumte raada Isheef kennamtu sana Siiqqoon dhahattee fudhatti.

Guyyaa kanaa kaasee, ameesa ishii waan ta'eef hinjijjiramu; hingurguramu, hintuqamu. Sa'a Ficee jechuun horii intalti gaafa heerumtee mana maatii mucaa fuudheetti galte ganama kaatee

moonaatti baatee ficeen ykn quttoon hiikattuudha. Horii kana maqaansaa ficee jedhamuun beekama.

Ficeen intala durraatiif akka mallattoo durbummaa isiitti ilaalama waan ta'eef, sa'i ficee kun akka horii gatii bantii/durbummaa isiitiif kennameetti herregama. Haa ta'uu malee, intalti bantii hinqanne horii ficee hinargattu. Manni kan haadha manaati jechuun, Abbaan warraa, ijoolleen ga'ee keessaa hinqaban jechuu adoo hintaane, dhimmi manaafi mana keessaa Abbummaan waan isii ilaallatuufi isiidhaan hogganamuufiidha.

Akka ummanni Oromoo Gujii amanutti, manni gulantaa hin qabnekaayyoo hin qabu; aadaa hin qabu; haadha hin qabu; safuufi saalfii hin qabu. Gulantaan guyyaa eebbaa, jiloota adda addaa haati manaa irra teettee buna qaltu, qodaa damboobaa ykn mijuu kennitu, eebba fudhattu, eebba kennituudha.


Kanaaf, gulantaan dubartiif kabaja guddaa qaba waan ta'eef, abbaa warraatiin woldhabanii yoo gulantaan ol gara dinqaatti dheette abbaan warraa gula darbee hin tuqu; yoo tuqe himattee seeraan ni yakkisiifama.

Bonkoon ta haadha manaati jechuun bonkoon uffata dubartiin kan gogaa looniirra hojjatamuudha. Bonkoon dubartiin ykn haati manaa hidhattu wodaareefi Firaaxaa kan jedhaman yoo ta'u, Wodaareen Bonkoo dubartiin hidhattee iddoo barbaadde ittiin deemtu, horiillee ittiin tissitu yoo ta'u. firaaxaan kan guyyaa jilaa qofa hidhatamuudha. Mulluggic

durraa yoo ta'u, kanas kan hidhatu ijoollee durraa qofa.

Seera qabeenya haadha manaa keessaa kan biraa inni cimaan Okkoteefi keloodha. Okkoteefi keloon ta haadha manaati gaafa jedhamu, meeshummaa isii qofa adoo hinta'in; wanta achi keessatti argamu san agarsiisa.

Akka seeraafi aadaa Oromoo Gujiitti, Okkoteefi keloo haati manaa dhaadde Abbaan Worraa hin tuqu. Gaafa inni tuqe "Okkoteefi keloo ifiin dhaabata ykn na biraan dhaabaa/ harka keyaa naa gaafadha" jechuun warraa ykn gosaasaatti himattee adabsiisuu dandeetti. Kanaaf, abbaan warraa okkoteefi keloo tuquun aadmaleedha.



Abbaa Sa'aa

Dubartoota ciccimoo hojiidhaan milkaa'anii dorgomoo ta'aa jiran keessaa

Bayyanaa Ibraahimiin

Biyyoota guddataniifi dinagdeedhaan badhaadhanitti mirgi dubartootaa sarbamuufi walqixxummaa dhabuun isaanii dubartoonni jijjiirama barbaachaaf sagaleesaa akka dhageessisaniif dirqamsiiseera.

Bara 1908tti yeroo dubartoonni kuma 15 ta'an magaalaa Niwu Yoorkee keessatti gaaffii yeroo hojii gabaabaa, mindaa fooyya'aafi mirga filachuu gafachuun hiriira ba'anitti yaadni guddaafi jijjiirama qabiinsa mirgoota dubartootaarratti fiduu danda'u tokko ulfaa'e.

Waggaa tokko booda Paartiin Soshaalistii Ameerikaa keessatti fudhatama olaanaa qabaachaa ture tokko komiifi aarii dubartootaa kanaaf deebii kennuuf kutatee yeroo jalqabaatiif guyyaa dubartoota biyyaaleessaa Ameerikaa labse.

Boodarra konfiransii dhimma dubartootaarratti Magaalaa Kooppan Haaganitti taa'amerratti guyyaan dubartootaa Ameerikaa kun akka kan dubartoota guutuu Addunyaa ta'uuf yaada kan dhiheessite dubartii Kilara Zektik jedhamtu yemmuu taatu, dubartootni 100 ta'an kanneen biyyoota 17 irraa saganticharratti hirmaachaa turan yaadashee waan deeggaraniif guyyichi guyyaa dubartoota guutuu Addunyaa ta'ee kabajamuu eegale jechuudha.

Yaada kana kan dhiyeessite konfiransii dubartoota hojjattootaa idiladdunyaa Kooppan Haaganitti taa'amerratti. Saganticharra kan turan dubartoonni 100 biyya 17 irraa walitti qabaman yaada isheetiin waliigalan.

Guyyaan Dubartoota Addunyaa jalqaba kan kabajame ALA bara 1911 Ostiriya, Denmaaki, Jarmaniifi Siwizarlaanditti yemmuu ta'u, guyyaan kun seeraan kan simatamee kabajuun eegalame garuu bara 1975tti, yeroo Mootummotni Gamtooman (UN) guyyicha ayyaneeffachuu eegaletti ture.

Guyyaan dubartoota idiladdunyaa akka addunyaatti yeroo 113ffaafi akka biyya keenyaatti yeroo 48ffaaf kan kabajamaa jiru yoo ta'u, mataduree "Dubartoota gahoomsuun nageenyaafi misooma haa mirkaneesinu" jedhuun kabajamaa jira.

Guyyichi sirbaafi nyaataaf kan kabajamu osoo hintaane mirgootni dubartootaa seeraan kennamaniif sirnaan hojiirra oolaa jiraachuu mirkaneessuufi hirmaannaa dubartootaa damewwan hundatti guddisuudhaan ta'uu akka qabu tan himan Godina Baaleetti Dhalattuufi jiraattuu Magaalaa Roobee Aade Indiyaa Abdulqaadiri.

Qaamni mirga dubartootaa sarbuufi hojiisaaniitti gufuu ta'u yoo hinjirre dubartiin akkuma dhiirotaa gama hundaan milkaa'uuf wanti ishii dhoorku kan hinjirre ta'uus eeranii, ilaalchi "hindanda'u" jedhu kufaatii dubartoota hedduutiif sababa ta'aa waan jiruuf dubartiin milkaa'ina barbaaddu kamuu ilaalcha akkasii of keessaa baasuu akka qabdu gorsu.



Aade Warqinash Abagaaz

Akka yaadasaaniitti; ummamaan dubartiin dhiiraa gadi taatee hinuumamne. Garaa garummaan korniyaa dhiiraafi dubartii gidduu jiru hojjatanii milkaa'uurratti garaa garummaa kan uumu waan hintaaneef, yeroo hunda kan milkaa'uu danda'u dhiiras ta'ee dubartii nama kaayyoofi mul'ata dheeraa, kutannoofi jijjiiramaaf qophaa'aa ta'eedha.

Kanaaf dubartiin kamuu kufaatii jireenyasheetiif uumaashee dubartii taasisee uume komachuu hindandeessu. Kan isheen kufaatii isheetiif komachuu dandeessu yoo jiraatellee kutannoofi kaayyoo dhabuusheefi rakkolee jireenyashee keessatti ishii muudataniif harka kennachuushee duwwaadha jedhu.

"Ani gaafan hojii koo eegalu namni tokko maallaqa takka naa kennee osoo hintaane, dhamaatiifi tattaaffiidhuma mataakootiini. Yaada hojii waanan qabuuf hojii filachuus hinbarbaadu ture. Jalqaba horsiisa lukkuutiin hojii eegale.

Yeroo lukkuuleen kunniin killee buusan killee sana fuudhee gabaa geessuun qarshii takkaafi lamatti gurguraa, maallaquma xiqqaa argadhu sana keessaan uqubii buufachaa lukkuulee baay'inaan bitee horsiisuudhaan sadarkaa amma jirurra gahuu danda'eera.

Yemmuu lukkuulee tunniin baay'achaa dhufaniifi galiinshii fooyya'uu eegalus uqubicha sirriitti buusuudhaan gara hoolota bitee horsiisuutti gale. Hoolota xixiqqoo bituudhaan erga isaan guddatani booda gurguruufi horsiisuudhaan ammas galii fooyya'aafi buusii uqubii dabalee gara loon horsiisuutti seene.

Yeroo duraa sa'a diqaalaa tokko bitadhee horsiisa kanin eegale yoo ta'u, suutuma suuta keessa sa'i tokkichi kun horuudhaan

darbuuf dubartootni diinagdee qofaadhaan osoo hin taane, beekumsaanis of ijaaruu qabu.

Namni hinbaranne gaafa rakkoo xiqqoon wayii mudatu dafee abdiin kan kutatu waan ta'eef hojii hojjachuu qofa osoo hintaane, gaafa rakkoon isa mudatu injifatee bira darbuuf waan daran rakkatuuf dubartootni asirrattis cimaniif of gahoomsuu qabu.

Ijoolleekoo sirnaan barsiifadhee yeroo ammaatti hundisaanii hojii horatanii of danda'anii kan jiraatan waan ta'uuf kunis akka milki guddaatti kan ilaalamuudha" jedhu.

Yeroo baay'ee qabeenyasaafi milkiisaas mul'ifachuuf kan tattaaffatu warra dhiiraa waan ta'eef malee dubartootni akkuma warra dhiiraatti baratani beekumsaan ciccimoo ta'an, hojjatanii bu'aaqabeessa ta'an hedduun kan jiran ta'uu kan himan immoo haadha qabeenyaa Aade Warqinash Abagaazi.

Yeroon amma keessa jirru kun kan dorgommii waan ta'eef dubartootni gola keessaa bahanii gama qabeenya horachuunis ta'e beekumsa horachuun dorgomtoota ta'uu akka qaban dubbatu.

Barumsaani xumuranii waggaa ittaanutti heeruman. Heerumanii waggaa ittaanutti erga ulfaa'anii da'umsaaf torban lama yeroo hafutti abbaan warraasaanii gara fuula Rabbi jalaa deeman ykn boqotan. Haala ulfaataafi abdiin kutachiisaa kana keessa darbuuf hamileen dubartiin tun horataniifi obsi Rabbi kenneef hangam akka nama cimtuufi kutattuu ta'an kan itti mirkaneessaniidha.

"Bu'aa ba'iin yeroo ijoollummaarraa kaasee keessa darbeefi ergan heerumee boodaa na qunnamaa ture osoo barreessee kitaaba hedduu baha" kan jedhan Aade Warqinash, yoo itti fayyadamanii garuu gufuuwwan jireenya keessatti nama mudatan milkaa'uu gara fuula duraatiifis sababa ta'uu kan danda'an ta'uu ibsu.

Mucaan erga abbaansaa du'ee torbee lama booda dhalate har'a yunivarsiitiwwan guddoo Ameerikaatti argaman keessa isa tokko keessatti carraa iskoolarshiippii argatee barachaa jira. Kun immoo ta'uu kan danda'eef ani du'a abbaasaatiin abdiin kutadhee harka kennachuu dhabuu kootiini. Haala yeroo sana tureen abbaa daa'ima kanaa dhabuu qofa osoo hintaane, yeroo hojii mindaa dhaabee dhaabbata mataa kootii ijaarrachuuf tattaafachaa turetti waan ta'eef dhiibbaa cimaatu ture.

Haa ta'uu garuu obsaafi kaayyoo dheeraa gara fuula duraa qabaannan rakkoon bira hindarbame akka hin jirre dubartoota birootiifis barnoota guddaa kan ta'uudha. Har'a Finfinneetti gamoo abbaa darbi shanii tajaajilawwan adda addaatiif oolu qarshii miliyoona 45n ijaarradheera.

Walumaagalatti; waggaa waggaa ayyaanicha kabajuu qofa osoo hintaane, dubartoota ciccimoo horachuudhaan dinagdee harka caaluun dhiirotaan qabamee keessatti shoorri dubartootaa akka dabalu taasisuunis murteessaa ta'a.

Namni hinbaranne
gaafa rakkoo
xiqqoon wayii
mudatu dafee abdiin kan
kutatu waan ta'eef hojii
hojjachuu qofa osoo
hintaane, gaafa rakkoon isa
mudatu injifatee bira darbuuf
waan daran rakkatuuf
dubartootni asirrattis cimaniif
of gahoomsuu qabu

“Fayyadamoo ta’uuf dubartootni jijjiirama yeroo waliin tarkaanfachuu qabu”

- Aadde Xayyibaa Hasan

Waaqshuum Fiqaduutiin

Finfinnee: Dubartootni fayyadamummaa-saaniifkabachiifachuuf dandeettiifi gahumsa yeroon gaafatu horachuuf of qopheessuu akka qaban Daarektarii Olaantuun Dhimma Tajaajila Godaantotaafi Godaantota deebi’aniifi Pirezidaantii Ittaantuun Liigii Dubartootaa Paartii Badhaadhina Aadde Xayyibaa Hasan ibsan.

Aadde Xayyibaan Kamisa darbe guyyaa dubartoota addunyaa (‘March 8’) ilaalchisee Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, Paartiin Badhaadhina akka paartiittis ta’e akka mootummaatti fayyadamummaa dubartootaa mirkaneessuuf mul’ata addaa qabatee hojjetaa jira. Kanaan bu’aa qabatamaa kanaan dura ta’ee hin beekne

galmeessuu danda’eera. Ta’us dandeettiifi gahumsa jijjiirama yeroon gaafatu waliin tarkaanfachuuf qophaa’uun qooda dubartootaati.

Dubartootni humna hooggansaa, qabeenya dhuunfaafi biyyaa bulchuu keessatti qaban cimsuuf mootummaan jijjiirama sagantaa barnootaafi leenjii garaagaraa mijeessuu himanii; dubartoota gahooman hedduminaan gara hoggansaatti dhufuufi dhufaa jiraachuu dubbataniiru. Haaluma walfakkaatuun dubartoota dinagdeen cimsuuf hojiilee qonnaa, tajaajilaa, misooma albuudaa, maanufakchariingiifi industirii haala kanaan dura hinbaratamneen hirmaachisuu ibsaniiru.

Dubartootni hedduun carraa mootummaan

dirirsetti fayyadamuun of gahoomsan ammaan tana itti gaafatama gurguddoo biyyaafi mootummaadhaan kennamaniif kutannoon hojjetanii firii gaarii agarsiisaa jiru jedhanii; dubartootni kaanis fayyadamummaasaanii mirkaneessuuf bakkaafi sadarkaa jiranitti hojjetanii gahumsaanaa mirkaneessuun barbaachisaa ta’uu dhaamaniiru.

Wayita guyyaa dubartootaa baranaa kabajamu mootummaan jijjiiramaa hojiilee kabaja guyyichaa olkaasan hedduu hojjechuu himanii; magaalaa hanga baadiyyaatti dubartootni manneen barnootaa dhiyootti akka argatan ijaarsa manneen barnoota hedduun taasifamuu yaadachiisaniiru. Dubartootni waldaan gurmaa’anii qabeenya akka horatan xiyyeeffannoo addaa

hojjetamuus dubbataniiru.

Kanaan dura qabeenya horachuuf jecha dubartoonni karaa seeraan alaa biyya hammaa deemuun rakkoo qaamaa qalbii hanga du’a lubbuutti aarsaa kaffalaa turuu yaadachiisani; ammaan tana dubartiin biyya alaa deemu mirgaafi dafqashee kabachiifachuuf kan ishee dandeessisu seerri ba’uu eeraniiru.

Akka isaan jedhanitti, dubartii waan ta’anii qofa taa’anii waan eeguun gaarii miti. Kanaafuu, hunda ol qophii sammuu fi qorqalbii taasisuun barbaachisaadha. Dubartootni miiraa ofitti amanamummaa gabbifachuun cinatti haala yeroo duukaa of jijjiiruu qabu. Dandeetti kallaqaafi beekumsa sammuu gabbifachuu qofa osoo hintaane hojiitti hiikuun mul’isuu qabu.

“Magaalaa baadiyyaatti mirgiifi..”

keessa jiraatan qofa osoo hintaane dubartootaa baadiyyaa jiraatanis akka ilaallatu hubachiisaniiru. Rakkoo nageenyaa bakkawwan tokko tokkotti mudachaa jiruufis adda durummaan kan saaxilamu dubartoota waan ta’aniif hojii nageenya mirkaneessuu keessatti hunduu gaheesaa ba’uu qaba jedhaniiru.

Hirmaannaa dubartootaa siyaasa keessatti mirkaneessuu baannan nageenyaa, haqaafi dimokraasii karaa guutuun eeguun hin yaadamu jedhanii; dubartoota sadarkalee hundatti gahoomsuufi barsiisuun dhimma ijoo ta’uu ibsaniiru. Mootummaanis qajeeltoo kana tumsu baasee hojiirra oolchaa jiraachuu yaadachiisaniiru.

Kantiibaan Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee Aadde Adaanach Abeebbe gamasaaniin, mootummaan hirmaannaa dubartootni siyaasa, hawaasummaafi dinagdee keessatti qaban cimsuuf hojjiwwan hedduu

hojjechuu himanii; ta’us fayyadamummaafi hirmaannan dubartootaa sadarkaa yaadamerra akka hingenye himaniiru. Hirmaannaa dubartootaa cimsuuf furtoon gahumsaaniirratti hojjechuu akka ta’es hubachiisaniiru.

Magaalattiitti dubartootni daldala quunnamtii saalaarratti bobba’an jiraachuu eeranii; fayyadamummaa dinagdee dubartoota kunneenii mirkaneessuuf “Giddugalli Haaromsaafi Ogummaa” ijaaramee torban ittaanu akka eebbifamuu Aadde Adaanech ibsaniiru.

Ministirri Dubartootaafi Hawaasummaa Doktor Ergoggee Tasfaayees akka dubbataniitti, mirgaafi fayyadamummaa dubartootaa mirkaneessuuf mootummaan hojii bal’aa hojjechaa jira. Sadarkaa biyyaatti sochiin fayyadamummaa dubartootaarratti xiyyeeffachuun taasifame bu’aalee qabatamoo hedduu argamsiiseera.

Wayita soomaa biyyaaf kadhachuufi..”

soome yaadachuuf. Kirsitoos cubbuu waan hojjetee miti kan soome, soomaan cubbuu hinhojjetne.

Namni soomu hamaa hundarraa fagaatee hojiifi garaa qulqulluun gara uumaasaatti iyyuu qaba jedhanii; biyyi rakkoo keessa kan galuuf kadhatni amantootaa dhaga’amuu kan diduuf soomni lapheerara ta’e dhibuu ta’uu yaadachiisaniiru. Nagaa kan hawwu nagaa buusuu, jaalala kan fedhu jaallachuu, kabaja kan fedhu isa biraa kabajuun dirqama amantaa ta’uus hubachiisaniiru.

Qajeeltoon amantaa gaggeessaa biyyaa abaaruu, jibba facaasuu, waraana labsuu osoo hin taane eebbisuufi jaalala labsuu ta’uu himanii; namni amantaa kamuu siyaasaafi qajeeltoo amantaa waliin makuurra of qusachuu akka qabanis ibsaniiru.

Barsiisaan amantaa Islaamaa Ustaaz Abubakar Ahmad gamasaaniin, soomiin gochaa gaariin hindeggeramni foon dadhabsiisuu yookiin sochii qaamaa taasisuurra kan darbe bu’aa tokkollee

hinqabu. Namni soomuu nyaataafi dhugaatii lagachuu qofa osoo hintaane waan himalle hundarraa of qusachuun uumaa waliin walitti dhiyeenyaa dubbata, qalbiis jijjiirata. Faallaa kanaa jibba labsaa, nama arrabsaa kan soomuu yoo ta’e nyaata lagachuufi qofa osoo hintaane uumaa waliin dubbachuun akkasumaan dadhabuudha.

Allaan nama dhuunfaattis ta’e biyyatti rakkoo sababa malee hinfidu jedhanii; rakkoo dhufee gara carraatti jijjiiruuf qaamaa qalbii sassaabbachuun Allaa kadhachuun barbaachisaa ta’uu dhaamaniiru. Soomuun firii qabatamaa hinqabne kasaaraa lakkaa’uu qofa yookiin “Soomeera” jedhanii himachuu qofaaf kan oolu ta’uu dubbataniiru.

Abbootiin yookiin barsiisotni amantaa akkuma maqaasaanii qajeeltoo amantaa qofa hojiitti hiikuun amantootaaf fakkeenya ta’uu qabu jedhanii; siyaasaa jibbaa oofaa huccuu amantaa uffachuufi sagalee Allaa dubbachuun fakkeenya waan nama hin taasisneef wayita sooma kanaanillee dhaabbatanii of ilaaluun barbaachisaa ta’uu dhaamaniiru.



Daandii Addellee-Sakkiinaa..”

Konstiraakshinii ‘Cross Land’ jedhamuun boqqonnaawwan lamaan xumuramee tajaajila kennuu eegaleera. Daandichi gaara daran ol dheeraa kattaan yaayyabame keessa hulluqqee sanumaayyuu injiinaroota keessoon haalli itti hojjetames ogummaan keessaa hanga akka guddate mul’isa.

Biiroo Daandiwwaniifi Loojestiksii Oromiyaatti To’ataan Pirojektichaa Injiinar Jaagamaa Dagabaasaa akka jedhanitti, daandiin kun qulqullinasaa eegee bajata qabameefi yeroo jedhame keessatti xumuramuun pirojektota ittaaniifi fakkeenya gaarii ta’a.

Hojjaggeessaa Olaanaan Pirojektichaa Obbo Damis Lammii gamasaaniin daandii bu’uura waa maraa ta’uu ibsani; Dhaabbatni ijaarsaa ‘cross land’ damee dhaabbata ‘7 stars’ keessaa tokko yommuu ta’u, Oromiyaa dabalatee naannolee garagaraatti hojii qulqullina qabu hojjechuun dirqama ogummaafi lammummaasaa ba’aa jiraachuu dubbatu.

Raawwachiisaan pirojektichaa Injiinar Solomoon Sintaayyoo gamasaaniin, qaala’iinsa gatii meeshaalee ijaarsaan osoo hin danqamin daandii gaaraafi katta rakkisaa keessa qaxxaamuru haaluma waliigalteetiin xumuruusaa bu’aa muuxannoo yeroo dheeraa dhaabbatichi qaburraa kan madde ta’uu ibsaniiru.

Jiraattonni kunneen Kamisa darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, Aanaa Amiinyyaa gandeen akka Jiddaa Kaarraa gammoojjii ta’an omishaalee akka boqqolloo, mishingaa, agadaa shonkoora, kuduraafi muduraan beekamoo ta’an of keessatti hammatti. Ta’us gaara kattaan itti baay’atuufi dheeraa ta’e ba’anii omishasaanii gabaaf dhiyeessuun qormaata hamaa ture. Yeroo baay’ee omishaaleen dafanii manca’an kanneen akka timaatiimii, muuziifi burtukaannifaa gatamaa turan.

Omishaa gabaaf dhiyeessuu miti dhukkubsataafi dubartii deessu mana yaalaan ga’uun rakkoo

hamaa ture. Dubartii da’umsi qabee mana yaalaa magaalaa Addelleetti geessuuf baatanii osoo gaara kanaan wal’aansoo walqabanii kan lubbuun darbe danuudha. Osoo gabaa dhaqanii harrootni hedduun miidhaan waliin gaara kanarraa kufanii cabaniifi du’an hedduudha.

Sheek Sulemaan Mahaammad akka jedhanitti, qormaati jiraattota ganda Jiddaa Kaarraa gaara kattaan faayame ijaajjee gad isaan ittisu qofa osoo hin taane laga Elellee godinaalee hedduu qaxxaamuruun Laga Waabeeshabaleetti makamudha. Lagni kun riqicha waan hin qabneef akkuma gaara sanii waggaa waggaa lubbuu namaafi beeyiladaa galaafachaa ture. Sababa daandiin firaa, gabaafi mana yaalaarraa cituuf dirqamanis amma garuu daandiin hojjetamuun akka nama lammata dhalateetti of ilaalu.

Obbo Mahaammad Amiin jiraataa ganda Elellee Abiroonyi yommuu ta’an sababa daandii dhabuun rakkoon hawaasummaafi dinagdee dhalootaa dhalootatti darbaa as ga’uu himanii; qabeenyi beeyiladaafi omishaaleen qonnaa gammoojjii sana keessa jiru gabaaf dhiyeessuun danqaa turuu yaadachiisaniiru. Gandeen saddeet gammoojjichatti argaman daandiin walqabatee mana barumsaa sadarkaa lammaffaa waan hinqabneef sadarkaan barumsaa kutaa saddeetiitti daangeffamuus ibsaniiru.

Barataa Adam Jirruu magaalaa Adellee fageenya kiilomeetira 25 hincaallee deemee barachuuf sababa daandiif halkan sa’aatii 7:00tti ka’ee ganama sa’aatii 3:00tti imala sa’aatii ja’aa booda akka achi ga’u eeree; galaafi qoraan osoo harreetti fe’anii gara magaalaa Addellee deemani barattoonni harree waliin gaararraa qilleetti kufanii qalbiin darbe akka jiran dubbateera.

Haa ta’u malee, daandiin Godina Arsii godinaalee Harargeefi Baaleetiin walqunnamsiisu boqqonaa 3ffaa kiilomeetirii 50n hafe ijaarsisaa akka ittifuufuuf jiraattonni kunneen cimsanii gaafataniiru.



BARIISAA



Tashooma Qadiidaatiin



Tsiggeefi Firewayinii: Atileetota qaxalee jalabultii 'Marchi 8'tti warqii biyya badhaasan

Finfinnee: Dubartoonni qaamolee hawaasaa keessaa isaan tokko. Haadha, haadha warraafi obboleettii ta'uudhaan bu'uura maatiitisi. Qoodni isaan dameelee hawaasummaa, dinagdeefi siyaasa keessatti qabanis hanga eegame ta'uu baatus jijjiramaa dhufeera.

Dubartoonni dhiibbaa ilaalchi boodatti hafaatiin sadarkuma addunyaattuu isaanirra gahaa ture ofirraa fonqolchuudhaan dubartoonni sagalee tokkoon addababaa'iwwan addaddaarratti bahuudhaan balaaleftaniiru. Guyyaan kunis yeroo 113ffaaf Guyyaa Dubartoota Addunyaa ('March 8') jedhamee guutummaa addunyaarratti, akka biyya keenyaatti ammoo yeroo 48ffaaf sirnoota adda addaatiin kabajamaa jira. Kan baranaas kaleessa kabajameera.

Oggaa waa'een Guyyaa Guyyaa Dubartoota Addunyaa ka'u maqaan goota ispoortii biyya keenyaa kanneen akka Faaxumaa Roobaafi Daraartuu Tulluu, Tiikii Galaanaafi maatii Dibaabaa (Ijjigaayyoo, Xurunash, Ganzabeefi Aanaa Dibaabaa) Masarat Daffaariifi Almaaz Ayyaanaa, Maaree Dibaabaa, Lattasanbat

Giday'faan alaabaa Itoophiyaa dirree addunyaarratti walharkaa fuudhanii ol kaasuun biyya boonsisanis wajjin ka'a.

Bariisaanis guyyicha sababeeffachuun atileetota ciccimoo lamaan shaampiyoona atileetiksii mana keessaa tibbana Ingilaandi, Gilaaskooti adeemsifamerratti meedaaliyaawwan warqii lama biyyasaanii badhaasan Tsiggee Dhugumaafi Firewayinii Hayiluu wajjin Kibxata darbe turtii gabaabaa taasiseera.

Atileet Tsiggeen biyyaa keenyattis hakuuccaan dubartootarra gahaa ture hamaa ta'uu yaadachiistee, ilaalchi boodatti hafaan sadarkaa barbaadameen hafuu kan dadhabeef olaantummaan dhiiraa dhalootaa gara dhalootaatti darbaa waan dhufeef, akkasumas sababa hawaasichis ilaalchiharratti kutannoodhaan hinqabsoofneef ta'uu dubbatti.

Dubartoonni Itoophiyaa obbolaasaanii dhiiraa maddii dhaabachuudhaan dirreewwan irratti hirmaatan marattuu gootummaadhaan bahaa turaniiru, ammas akkasuma jetti.

"Anni kanan dhaladhee Naannoo Beenishaangul Gumuzitti. Ilaalchi duubatti hafaan kun baldhinaan achittis ni calaqqisa. Mana barumsaattis akkasuma. Rakkinni kun dubartoonni ispoortiirattis akka hinhirmaannee dhibbaa guddaa uumaa ture. Ta'us naannichumaa filatamee Giddugala Leenjii Atileetiksii Xirunash Dibaabaa gale.

Leenjii waggaa lamaa booddeedha kanin kilaba atileetiksii Baankii daldalaa gale. Yeroo muraasa keessatti garee atileetiksii Itoophiyaatti makamee carraan argadheen fiigicha meetira 800n biyya tiyya, Itoophiyaa bakka bu'uun hirmaadhee mo'achuun meedaaliyaa warqii argadheera. Meedaaliyaan tun anaafis Itoophiyaafis kan duraa ta'usheetti daran gammadeera. Kanaafuu dubartoonni Itoophiyaa dirreewwan irratti hirmaatan marattuu mo'attoota" jechuun ibsiteetti.

Shaampiyoona atileetiksii addunyaa mana keessaatti fiigicha meetira kuma tokkoofi 500n meedaaliyaa warqii argachuudhaan kan deebite atileet Firewayinii Hayiluu guyyaan dubartoota addunyaa kun dubartoota golaa kan

baasedha jetti.

"Dubartoonni Itoophiyaa seenaa biyyattii keessatti, keessumaa dirreewwan waraanaarratti waggoota dheeraarraa kaasanii yeroo diina biyya teenya kallattiilee addaddaatiin weeraruuf dhufe qolachuuf hiriirani, gootota waraanaan hubaman kunuunsuun waantota isaanirraa eegamu hundaa walqixa hojjetaniiru.

Har'a ammoo nuyi, dhubartoonni Itoophiyaa dirreewwan waraana nageenyaa, atileetiksiiidhaan dirreewwan Olompikii, dorgommii qaxxaamura biyyaa addunyaafi taphawwan guutuu Afrikaa, shaampiyoona atileetiksii addunyaafi Afrikaafa'irratti hirmaanuun marattuu injifannoo dachaa gonfachuudhaan biyya teenya boonsisaa jirra.

Kanaan dura oggaa waa'een Adwaa ka'u gootittii Xaayituutu ka'aa ture. Atileetiksiiin, keessumaa oggaa Olompikiin yoo ka'u ammoo gootittiin atileetiksii Itoophiyaafi Afrikaa Daraartuu Tulluu adda durummaan dubartoota Afrikaafi Itoophiyaa biratti yaadatamti. Kunis kan ta'e daandii isheen saaqheen dubartoonni Itoophiyaa irra deddeebiidhaan

Shaampiyoonaan manneen barnootaa Oromiyaa xumurame

Baatu: Waggoota jahaaf addaan citee kan ture shaampiyoonaan ispoortii manneen barnoota Oromiyaa kaleessa yoo xumuramu magalaan Shaggar atileetiksii dhiiraafi dubaraan mo'ateera.

Wayita shaampiyooniin manneen barnootaa godinaaleefi bulchiinsota magaalota Oromiyaa jidduutti guyyoota 12f Magaalaa Baatuutti adeemsifamaa ture xumurametti Hogganaan Biiroo Barnoota Oromiyaa Doktor Tolaa Bariisoo, Hogganaan Biiroo Dargaggoofi Ispoortii Oromiyaa Obbo Maatewoos Sobbooqaafi keessummoonni adda addaa argamaniiru.

DoktorTolaanhaasa'asirnacufinsarratti taasianiin shaampiyoonaan manneen



barnootaa kun xiyyeeffannoon itti kennamee waggaa waggaan kan gaggeeffamu akka ta'e ibsaniiru.

Sochiin ispoortii dargaggooniifi

olguddattoonni yaadaan ijaaramanii dandeettiin cimani akka guddatan gochuurra darbee misoomni ispoortii akka guutuu Oromiyaatti jiru damee

hundaan akka cimaa akka deemuuf hojjetama jedhaniiru.

Guyyaa shaampiyoonichi xumurame kanatti tapha kubbaa miilaa dubartootaatiin Bulchiisni Magaalaa Adaamaa Bulchiinsa Magaalaa Shaashamane 4-2n, dhiiraan ammoo keessummeessaan shaampiyoonichaa Bulchiinsi Magaalaa Baatu Arsii Lixaa 1-0n mo'achuudhaan waancaa fudhataniiru.

Bulchiinsi Magaalaa Baatu shaampiyoonicha haala gaariidhaan keessummeessusaattis waancaa fudhateera. Shaampiyoonichaan kubbaa saaphanaa dubartootaatiin Jimmi, dhiirotaan Arsiin Lixaa, naamusaan godinni Iluu Abbaa Boor waancaa fudhataniiru.